# RAAWWII SIRNA KABAJA SIINQEE AADAA UMMATAA OROMOO GODINA ARSII AANAA MARTII

**Saadiyaa Tongoo Ebuu**

**WARAQAA QORANNOO DIGIRII LAMMAFFA/MA/ AFAAN OROMOOBARSIISUUF GAMISAAN GUUTAACHUUF QOPHAA'EE**

**MUUMMEE AFAAN OROMOO HOG-BARRUUFI FOOKILOORIIF DHIYAATE**

**KOLLEEJJII NAMOOMAA, QORANNOO AFAANOOTAA JOORNAALIZIMIIFI QUNNAMTII YUUNIVARSITII ADDIS ABABAA**

**Sadaasaa 2021/14**

**Finfinnee**

# RAAWWII SIRNA KABAJA SIINQEE: ARSII, AANAA MARTTII

**Saadiyaa Tongoo Ebuu**

**Gorsaa Asafaa Tafarraa (PhD)**

**WARAQAA QORANNOO DIGIRII LAMMAFFAA (MA) GAMISAAN GUUTAACHUUF DHIYAATE**

**KOLLEEJJII NAMOOMAAFI QORANNOO AFAANOOTAA JOORNAALIZIMIIFI SUB-QUNNAMTII MUUMMEE AFAAN OROMOO HOG-BARRUUFI FOOKLOORII**

**Sadaasaa 2021/14**

**Finfinnee**

**Yuunivarsitii Addis Ababaa**

**Dhaabbata Qorrannoo Digirii Duraa Booda**

**Waraqaa qorannoo ulaagaa digirii lammaffaa (MA) Afaan Oromoofi ogbarruun guuttachuuf Saadiyaa Toongoo, Matadureen: Raawwii Sirna Kabaja Siinqee: Godina Arsii, Aanaa Marttii keessatti" jechuun kan qophaa'e ulaagaa univarsitiin kaa'e guuteera.**

**Koree Qormaataa**

**Qoraa alaa_________________Mallattoo___________Guyyyaa__________**

**Qoraa keessaa______________Mallattoo____________Guyyaa__________**

**Gorsaa____________________Mallattoo___________Guyyaa___________**

**_________________________________________________________________**

**Ittigaafatamtoota Muummee Yookin Qindeessaa Sagantaa Digirii Lammaffaa (MA)**

## Axeerara

*Qorannoon kun qaaceessa kabaja raawwii sirna siinqee Aadaa Ummata Oromoo Godina Arsii Aanaa Martiirratti kan adeemsifamee dha.Kaayyoon Qorannoo Kanaa Raawwii Sirna Kabajaa Siinqee Godinaa Arsii Aanaa Martii Keessattii Qabuu Qaacceessuudha. Ka'uumsi qorannoo kanaa immoo aadaan kun badaa waan deemeef akka inni hin banneef jajjabeessuu fi aadiichi akka bakkattii deebii'uu tsaasiisuuf. Qorannoo kana adeemsiisuu gosoota qorannoo jiran keessaa dhimmi kan bahaamee mala qorannoo akkamtaa.Qorannoon kun boqonnaa shan kan qabu yoota'uu boqonnoota tokko tokkoo boqonna jalatti wantootii barbaachiisan tarreeffaman jiru.Maddi ragaa qorannoo kanaas madda ragaa tokkoffaa lamaffaa ti.Maddi ragaa kunis odeeffanno maanguddootaa fi hawwaan dhimma kana irratti beekumsa qabanii fi hojjattoota Waajjira aadaa fi Turuziimii ture.Eddattoon qorattuun tun dhimma itti baate mala eddattoo mijataafi akkayyoo yoo ta'u, meeshaaleen funaansa ragaa itti fayyadamte Af-gaaffii,Bar-gaaffii dawwaanaafi maree garee ti. Qorannoon kun argannoowwan armaan gadii bira gaheera. Sirni kabaja Aadaa siinqee Aadaa Oromoo Arsii biratti wal kabajuu, kabaja deettuu, kabaja dubartii Ulfaa , Kabaja Haadhaa wayyooma siinqeen nagaa busuu, Waaqa waliin aaraaramu,mirgaa dubartootaa,yeroo itti kabajamuu,yoo loollii hamaanjiratuu,yoo hoongeen jiratuu,hirmaattootaa sirna raawwii kabajaa siinqeefi siinqeen yeroo ammaa maalii irraa akka jiru argannoo qorannoo kanatiin adda bahaniiruu.Sirni kabaja siinqee yoomeessaa fi adeemsa ittiin raawwatamu kan qabuu ta'uu. Yeroo ammaa kana sirna kabaja siinqee akka duriitti gaggeeffamaa akka hin jirre bira gahaamera. Yaadni akka furmaataa tti lafa ka'aames sirni siinqee faaydaa guddaa waan qabuuf namootni aadaan kun akka hin banneef osoo eeganii gaarii dha. Raawwiin kabajaa siinqee dhimmootaa adda addaa keessattii gahee olaanaa waan qabuuf waajjirrii aadaafi turuziimii aanaa martii aadaan kun akka hin harcaanee cimnaan irrattii hojjachuu qaba.Akkasumas Jijjiramaa fi badiinsa sirna aadaa siinqee irratti dhufu kana haanbiisuuf Waajjirri aadaa fi turuzimii Aanichaa dhimma aadaa kana irratti hubannoo kennuun osoo kunuunsanii gaarii dha.*

# GALATAA

Duraan dursee waaqayyoo kakaasee sagantaa kana na calqabsiisee, calqabsiisee na xumursiisee galannii haagahu

Itti aansee, gorsaa koo doktor **Asafaa Dibaabaa**, nuffii tokko malee yeroofi hubana isaani wareegani gorsa hala qorannichi kun itti dalagamu gubbarratti naaf laataniif galanni lapheerraa madde isaan haagahu.

Gorsa hamilee Koo jabeechuf naa laateef obboleessaa koo **Juullaa Qabatoo** galannii guddaan isaan haa qaqqabu.

Dabalataan, yeroo barnootaa kanarra ture rakkooleewwaan maatii koo irraa gahuu maluu hundaa naa duuchuudhaan akkasumas, maallaqaafi gorsaan na gargaaraa kan turee abbaa warraa koo obboo **Amaan Alishuu** galanni isaa haa gahu.

Dhumarrattis, nuffi tokko malee barreeffama qorannoo kan yeroofi hubannaa ishee wareegdee naaf xumurtee **Soofiyaa Muhaammad** galanni koo naaf haa gahuu

## HIIKA JECHOOTAAFI JECHOOTA GABAAJEE

Barree: - Qoodaa annaan gaaf gaa’eel siinqee waliin kennamuu

Boraatii: - Gaaf gaa’eel kam siinqee waliin misirroof kennamu

Cidhaa: - Sirna fuudhaafi heerumaa

Deege: - Hiyyooma

Elemtuu: - Meehsaa aadaa aannan sa’aa itti elman

Harooreessaa: - Muka siinqeen irraa tolfamuu

Jiffuu: - Sibiila siinqeetti godhamu

Lolaa: - Waraana

Siinqee: - Ulee Mukaa Harorsee, Weddeessaa Irraa Tolfame

Waraaboo: - Waraabeessaa

Wayyoma: - Kabajaa

Fkn: - Fakkeenyaaf

f.k.f: - Kan kana fakkaatan

YKN : - Yookaan

I/G Itti gaafatamaa

# BAAFATA


MATA DUREE FUULA

Axeerara ........ iv
Galataa v
Hiika Jechootaafi Jechoota Gabaajee vi
Baafata vii
BOQONNAA TOKKO ........ 1
1. Seensa ........ 1
1.1. Seen-Dubee Qorannichaa 1
1.2 Ka'umsa Qorannichaa 3
1.3 Kaayyoo Qorannichaa 4
1.3.1. Kaayyoon Gooroo 4
1.3.2 Kaayyoo Gooree 4
1.4. Barbaachiisummaa Qorannichaa 5
1.5. Daangaa Qorannichaa 5
BOQONNAA LAMA ........ 7
2. Sakatta'a Barruu........ 7
2.1, Maalummaa Kabaja Siinqee 7
2.2 Mallattoo Seera Siinqee 8
2.2.1. Mallattoofi Jaarmiyaa Dubartootaa Oromooti 9
2.2.2. Mallattoo heerumaa dubartootaa oromoo 9
2.2.3. Gahee Siinqeen Shaakala Aadaafi Amantaa Keessatti Qabdu 10
2.3. Haadha Siinqee 10
2.4. Faaydaa kabaja siinqee 11
2.4.1. Siinqeen Kabachiistuu mirga dubartoota Oromoo ti. 11
2.4.2 .Wal-Diddaa Abbaa Manaafi Haadhaa Manaa 14
2.4.3. Sinqeen Wayyoma dubartiiti 15
2.4. 4.Lola dhaabuu 16
2.4.5. Yeroo da'umsaa 16
2.4.6. Daa'ima guddifachuu 16
2.5. Deeggarsa argachuu 17
2.6. Walti Dufeenyaa Dubartootaa fi Sirna Gadaa 18
2.7. Jaarmiyaa Siinqee 18
2.8. Humna Siinqee fi Araara 19
2.8.1. Humna Siinqee 19
2.8.2. Siinqeen Humna Dubartootati 20
BOQONNAA SADII ........ 22
3.1. Saxaaxa Qorannichaa 22
3.2. Irraawwatama Qorannichaa 22
3.3 Madda Odeeffannoo 22
3.5. Malleen Funaansa Ragaalee 24
3.5.1. Af-gaaffii 24
3.5. 4.Daawwannaa 25

3.5.3. Marii Garee xiyyeeffannoo 26
BOQONNAA AFUR ........ 28
4.1.Qaaccessaafi Ibsa Ragaalee 28
4.1.1 .Akkaataa Yeroo Raawwii Kabajaa Siinqee 28
4.1.2 .Kabajaa Ayyaanaa Siinqee Keessattii Qoodaa Fudhaattootaafi Iddoo Isaa 31
4.1.3. Faayidaa Siinqeen Aadaa Hawaasa Oromoo Keessattii Qabduu 31
4.1.4. Yeroo Ammaa Adeemsaa Siinqee Hawaasaa Oromoo Birattii 40
Boqonnaa Shan ........ 42
5.1. Cuunfaa 42
5.2. Argannoo 43
5.3. Yaboo 44
6. Wabiilee ........ 45
DABALEE (A): Af-gaafii Miseensootaa Adaafi Turuuzimii Waajjiraa Aanaa Martii ........ 47
DABALEE (B): Gaaffiilee Marii Garee Manguddootaafi Hawwanii ........ 49
DABALEE (C) Cheekilistii Daawwanna ........ 51
DABALEE (D) Manguddootaafi Hawwaan marii garii Irrattii Odeeffannoo Kennuun Hirmaatan ........ 52
DABALE (F)Namootaa Afgaaffii Irrattii Odeeffannoo Kennuun Hirmaatan ........ 53
DABALEE (E): Fakkiiwwanii Suuraawwan ........ 54

# BOQONNAA TOKKO

## 1. Seensa

### 1.1. Seen-Dubee Qorannichaa

Saba tokko saba kan biraa irraa wanti adda taasiisuu aadaa ittiin bultummaa isaa ti. Kunis aadaa uffannaa, aadaa fuudhaa fi heerumaa, aadaa sirna awwaalchaa, aadaa ayyaanotaa fi sirbaa, itti fayyadaman, aadaa hojii fi hormaataa, taphoota (ispoortii ), akkaataa dabbasaa (rifeensa) aadaa waliin jireenya maatii fi firaa, aadaa nyaataa fi dhugaatii, aadaa ijaarsa mana fi meeshaa dhaatan( filatan) fi waan kana fakkaatan bakka hedduutti addaan qoodamanii ibsuufi ilaalu dandeenya.

Ummatni Oromoos aadaa mataa isaa kan biroo irraa adda isa taasiisu hedduu qaba.Kan akka sirnaa raawwii kabajaa siinqee, sabaatti waliin qabuu fi akka gosaatti naannoo isaatti qabu danuu dha. Sababa dhiibbaa amantiin alagaa itti fidee fi hacuuccaan gabroofataan irraan gaheef irraa dandamatee kan hafee fi amma ittiin jiraachaa jiru baay'eetu jira.Kan dagatamee ykn balaaleffatamaa ture sana qorachuun mu'isufi kanneen amma jiran ammo kunuunfachuun dagaagfatuun ammo dirqama dhalooota har'aa ti. Kan har'a akka waliigaaatti beekamuu fi kan naannoo adda addaatti raawwataman hanga ammaa kan beekamu dhalootni ammaa akka baratuu fi hubatu, akkasumaas kanneen golee Oromiyaa adda addaatti dhookatee ykn awwaalamee jiruu ammo qorachuun bakka awwaalamee baasuun sabatti mul'isuu fi guddiisuun nurraa eegama.Waan armaan olitti tuttuqaman kana keessaa hanga tokko akka seensaatti irraa waan xixxiqoo qicinee asii gadiitti ilaalla.

Siinqee ulee mukaa harorsee, weddeessaa faa'aa jedhuuraa tolfamu kan dubartoonnii Oromoo mirgaa isaanii ittiin kabachiifatan.Hayyuu Gammachuu (1993) akka ibseettii sirnaa gadaa keessattii siinqeen adeemsaa dubartootiin ofi danda'anii itti ijaramaniidha. Siinqeen kara dubartoonnii oromoo waaraan dhaabuuf akka dhaabbatattii ittii fayyadamidha.Akka hayyuu Kuwwee (1997) jedhanittii siinqeen dubartootaa oromoo jiruuhawaasummaa, dingdee, amantaafi siyaasa keessatti gaheen taphatuu daran olaanadhaa.Dubartoonnii oromoo yoo mirgi nama sarbamuu, waaraan garee adda addaa ykn garee walfakkatuu gidduttii yoo uumamuu, ollaan yoo waldhabuu, maatiin yoo waldhabuufi sabaafi sab-lammiin yoo waldhabuu waldhabbii kan dhaabsiisuuf kan itti gargaramaniidha. Akka yaadaa hayyoota kanatti gaheen siinqeen hawaasa

oromoo biratti rakkooleewwan ciccimoo furuuf qabu daran olaanaa ta'uus dhiibbaa adda addaatiin sadarkaa badii irra gahuu isaati

Addunyaa kanaaf aadaa dimokraasii kan beeksise Sirni Gadaa uummanni Oromoo ittiin bulaa ture, mirga namoomaa fi siyaasaa daangaa hin qabne, gonfachiisuu bira dabree, walqixxummaa saalaa mirkaneessuu irrattis mudaa akka hin qabne seenaan ragaa dha. Akka hayyuu Kuwe (1997: 116) wabeeffachuun ibsanittii sirni dimokraasii addunyaaf angafa ta'e kun, walqixxummaa dubartootaa dhugoomsuuf, seera tumateen mirga dubartootaa kabajuun sirna milkaa'e ta'uu isaa, hambaan aadaa seera siinqee, gosa Oromoo Arsii keessatti mul'atu dhugaa ba'a.

Siinqeen mukarraa kan tolfamuu ta'ee mallattoo dubartoonnii olaantummaa mirgaa isaanii kabachiisuuf aangoo kan ittii shaakalaniidha. akka gammachuu,(1993),Esra'eel(2009),dasselany etal,(2007:152) kara namootiin ijaarsaa sirna gadaa keessattii dubartoonnii dhaabbataa isaanii dhiibbaa tokkoo malee ijaarachuun mirgaa isaanii eegsiifataniidha.

Barbaachiisummaa siinqee inni guddaan ijaarsa obboolummaa fi namoota biro waliin ta'uun karaa diina ittiin ofirraa qolataniidha. siinqeen aadaa dubartoota oromoo keessattii waliittii furuuf gahee guddaa kan taphatuudha.

Aadaa dubartoota oromoo keessattii jiruu hawaasummaa, guddinaa diinagdee, amantaafi siyaasatis siinqeen gahee hin tuffatamnee taphata. dubartoonnii oromoo mirgii isaanii yoo sarbamee ,garee walfakkaataniifi gargaara gidduttii waldhabbiin yoo uumame,gosootaafi sabootiin yoo walittii bu'an dubartoonnii siinqee qabatanii bahuun waldhabdeen kunniin akka to'atamuu taasiisuu(kuwwee,1997).

Bara sirni Gadaa sirna siyaasaa ambaatiin bakka buufamee, gosti Oromoo harki caalu dagate kana, Arsii Siikkoo Mandoo fi Utaa Waayyuu seera siinqee hin ganne. Seera siinqee keessatti aangoon gurumuun dubartootaa qabu laaffatus, kabajaa fi safeeffannaa dubartiin qabdu hin badne, 'dubartiin wayyooma' yaada jedhun ibsu.

Akka hayyuu Abdulbaasiix Abdulsamad (2014:-286) jedhanitti Sirni Gadaa Diimookraasii Addunyaaf kan fakkeenyaa tahuu dandahuu ta'ee kun walqixxummaa dubartootaa dhugoomsuuf, seera tumameen mirga dubartootaa kabajuun sirna milkaa'ee ta'uu isaa hambaa aadaa seera siinqee gosa Oromoo Arsii keessatti mul'atuu dhugaa ba'a. Bara sirni Gadaa sirna siyaasaa ambaatiin bakka buufame gosti Oromoo harki caaluu dagatee kan Godina Arsii Aanaa Martii seera siinqee hin ganne.Seera siinqee keessatti aangoon gurmuun dubartootaa qabuu laafaa ta'uus kabajaa fi safeeffannaa dubartiin naannichaa qabdu hin banne, dubartiin wayyooma yaadaa jeduun ibsu.

## 1.2 Ka'umsa Qorannichaa

Barbaachiisummaa siinqee ilaalchiisee Abdulbaasiix Abdulsamad (2014:286) akkas jedhee ibsa: "Siinqeen mallattoo mirga dubartummaa ti. Yeroo jila irratti qooda fudhaachuu dhaqxuu siinqee ishee qabattee baati.Yeroo waa kadhattuu, yeroo nama aaraarisiitu, yeroo birmattuu hundaa siinqee harkaa hin dhabdu. Siinqee qabttee waan gaafatteef deebii kennuun dirqii seeraa fi aadaa Oromoo ti. Kun koo ti jette dubartiin fiixe siinqee isiitiin tuqinaan wanti sun guutummaan kan ishee ta'uu agarsiisa. Namni biraa aangoo irratti hin qabu". Siinqeen dubartiif mirga kenna jennee jirra.Yoo itti dabamee, yoo seerri cabee dubartiin ollaa siinqee qabatanii yaa'uun akka sirreeffamuu gaafatu.Mirgi siinqee seera isaan beekamaa dha.Kanaafuu,Warri seera tuman dafanii faluu qabu. Kan balleessees ni adabama.Siinqeen Meeshaa dubartiin eerga ta'ee danaansa dubarummaa (dhalfa) agrsiisuu qaba kan jedhan jiru. Mallattoo dhiirri qabtuu akka Kallachaa fi bokkuu seeru dhiiratti galcha.Seenqeen ol jiruus fixeen qara.Kanaaf,dubartummaa mamii malee hin calaqiisu.

Siinqeen ammantee calaqsiisuu qaba.Akka aadaa oromoottii dubartiin dhiira waliin mirga amantii walqixa qabdi jedhamee amanama.Mukichi mallattoo amantee kana malee ofii amntichaa hin ta'u.

Akka hayyuu Alamaayyoo (2007: 318) jedhetti, " siinqeen mallattoo mirgaa fi ulfiina dubartii ti" Eega siinqeen mallattoo mirgaa fi ulfiina dubartii taate ulfiinaa fi mirga baddee deeffachuun dirqama dubartii ti. Akkuma" Bofni abbaatu of maraa" jedhee dubartiinis mirga falmachuu qabdi. Tokkummaan dubartii tokkummaa biyyaa ti. Siinqeen Mallattoo Dubartii ti. Tokkummaan human

jedhama.Dubartiin hundi siinqee qabattee waliin haa birmattu. Hamma yoonaa namni dubartiin malee waliin hin horre. Jabinni isii jabinna hortee mirkaneessa.

Qorannoo kana sirna kabajaa siinqee Godina Arsii Aanaa Martii irratti gaggeessuuf bu'uura kan ta'ee saboota garagaraa ti. Inni duraa feedhii kabaja sirna siinqee yemmuu ta'uu inni biroo immoo aadaa Ummata Oromoo dur turee saboota amantaa, barnoota, siyaasa fi Teeknoloojii ammayyaan walqabateen irraanfatamaa dhuufuun isaa Maangoddoon fi Hawwaani kan dubbatan yoo ta'uu, yeroo dheeraaf Hawaasa keessatti laafaa dhufuu isaati.Sababoota armaan olii bu'uura taasiifachuun qorannoon kun akka gaggeeffamuu kaka'uumsa natti horeera.

Walumaagalatti,qorannoon kun gaaffilee bu'uuraa kanneen armaan gaditti tarreeffaman ni deebisa.

I. Sirni raawwii Kabajaan siinqee hawaasa oromoo birattii qabuu maal?
II. Raawwiin sirna kabaaja Siinqeen yeroo kam, eenyuufaan, eessatti, maaliif?
III. Bu'aan siinqee akka naannichatti qabu eenyuufi, maal fa'i?
IV. Raawwiin sirna kabajaa Sinqee har'a sadarkaa maalirraa jira? Maaliif?

## 1.3 Kaayyoo Qorannichaa

Qorannoo tokko yommuu qoratamuu kaayyoo mataa ofii qaba. Akkuma qo'ataan seenaa tokko rakkoo adeemsa hojii keessatti isa muudatu irraa ka'uun rakkinni erga addaan bahee booda, xinxaaluun yaada furmaataa irra gahuuf kaayyeeffamee jira. Kanumarraa ka'uun maalummaa siinqee Godina Arsii Aanaa Martii keessatti argamuu kaayyoo gooroo fi gooree akka armaan gadiitti dhihaatera

### 1.3.1. Kaayyoon Gooroo

Qorannoo kanaan raawwii sirna kabaja siinqeen Godina Arsii Aanaa Martii keessatti qabuu qaacceessu.

### 1.3.2 Kaayyoo Gooree

Kaayyoon gooree qorannoo kanaa:-

- Sirna raawwii kabaaja siinqee hawaasa Oromoo biratti qabuu qorachuu.

- Siinqeen yeroo Kama eenyuu fi maaliif akka kabajamuu adda baafachuu.
- Siinqeen hawaasaa Oromoo birattii faaydaa akkamii akka qabduu ibsu.
- Raawwii sirna kabajaa siinqee Sadarkaa har'a irra jiru adda baafachuunfi ibsuu.

## 1.4. Barbaachiisummaa Qorannichaa


Maalummaa fi jireenya saba tokkoo wantoota ibsan keessaa inni tokko aadaa fi duudhaa isaati. Kana ilaalchisee, jechoota Looreet Tsaggaayee G/ Madin barruullee Xoobbiyaa lakkoofsa 11 (1990) wabeeffachuun Warqinaan (2008:111) irratti "Aadaan mallattoo eenyumma (identity) saba tokkooti. Qorannoon tokko yommuu qoratamuu faaydaa adda addaa qabaachuu danda'a. Kunis , qorannoon gaaffilee fi rakkoolee adda addaatiif furmaata barbaaduuf gahee guddaa waan qabuufi. Firii keessaas qaamni kallattiin qorannoo kanarraa fayyadamaa ta'aa jedhamee yaadamuu dubartoota. Isaaniis Sababa garagraatiin kan ka'ee kabaja dur siinqee jalatti qabaniif ulfiina siinqee isaaniitiin argachaa turan dhabuun isaanii dhiibbaa guddaa irraan gahee tureera.Qorannoon kanaan hanga ta'e wanti dhookachaa fi badaa dhufe kun yammoo qorannoodhaan deggaramu ilaalcha Hawaasaa jijjiruu danda'a waan ta'eef dubartootni kunis qorannoo kanarraa fayyadamuu danda'u. Aragannoon qorannoo kanarraa argamuus faaydaalee armaan gadii ni qabaata jedhamee yaadama.

- Raawwii sirna kabaja siinqee Hawaasa (Ummata) biratti qabu agarsiisuu danda'a.
- Namoota qorannoon isaanii aadaa irratti, keessattuu siinqee irratti qorannoo adeemsiisuu barbaadaniifiis ka'uumsa ta'uu danda'a.
- Sadarkaa siinqeen yeroo ammaa irratti argamuu ibsuu danda'a.

## 1.5. Daangaa Qorannichaa

Qorattuuni gama tokkoon qorannoo daangaa bal‟aa gaggeessuun odeeffannoo hedduu argachuufi rakkoowwan hedduu ifa baasuuf akka gargaaru kan amanu ta‟ullee; gama biraatiin ammoo daangaa qorannoo dhiphisuun seeruma qorannooti.Qorannoon kun Naannoo Oromiyaa Godina Arsii Aanaa Martii keessatti raawwii sirni kabaja siinqee Ummata naannichaa biratti qabdu gad-fageenyaan kan qorachuu taha. Aanichaa keessattii hawaasi argamuu harki caalaan qotee bulaa yoommuu ta'uu muraasin isaan horsiisee bulaadhaa.Annichaa keessattii sabafi sab-lammootiin kan argaman yommuu ta.uu isaanis Afaan gargaaraa kan akka Afaan Oromoo, Afaan Amaaraa fi afaanoota biroo kan dubbatan ta'ee harkii caalaan isaanii Afaan Oromoo dubbatuu.Haallii

qilleensaa aanichaa baddaa,badda dareefi gammoojjidha.Gandootaa aanichii qabuu 18 keessaa gandootaa sadii Heellaa Akkiyyaa,Moollamee Arja'oof Moollamee Saqaa mala iddattoo akkaayyootiin wirtuu qorannoo koo gochuun qorattuun filatteertii.




**Suuraa 1.kaartaa Aanaa Martii Amajjii, 23/2012**

## 1.6. Hanqina Qorannichaa

Qorannoon kun yemmuu gaggeeffammu rakkoolee adda addaattu naannoo qorannichi itti gaggeeffamutti ture. Inni duraa gaaffileen haala tasgabbiin naannoo qorannoon kun itti gaggeeffamu sababa tasgabbiin hinjirreef ragaalee funaanuurrattii heddu rakkisaa ture. Inni biraa hanqina bajataafi hanqina yerooti.Gama birootiin immoo sababa dhibee koronaatiin akka barbaadamettii sochoo'ame ragaa funaanuu dhabuun qorannoo kanaaf hanqina ijoo ta'eera. Gandootaa filatamaan keessattii qorannoon mata duree kanaratti geggeeffamuu dhabuunis akka rakkinattii qorannoo kana keessattii waan na muudhateedha.Dabalataan qorannoon hedduun mata-duree kanaratti waan Afaan Oromootiin hin geggeeffaminif hog-barruu dhabuun rakkoo hamaa ture.

# BOQONNAA LAMA

## 2. Sakatta'a Barruu

Boqonnaan kun yaada hayyootni waa'ee kabaja siinqee qabduurratti barreessan bu'uureeffata. Kunis qorannoo kanaaf akka ragaatti fayyada.

### 2.1, Maalummaa kabaja siinqee

Maalummaa siinqee ilaalchiise, Abdulbaasiix Abdulsamad (2014) seera sirna Gadaatiin tumamee kabchiisu keessatti siinqeen baatee seeraan falmachuun mirga dubartoota hundaa ti. Dubartootni dhiibbaa korniyaa isaani irra gahu ofiirraa facciisuuf siinqeetti fayyadamu. Kunis miira ho'an haala armaan gadiitti barreeffameen akka dhihaatu dha. Maanguddoon Oromoo keessumaa Arsiitti kan argama akka ibsaniitti, Kaleessa seera Gadaa keessatti hanfalaasa naa kenniterta, Jaarimiyaa siinqees naa dhaabdeerta, dhiibbaa akkanaatu narra gahee naa argii, dhugaa tiyyaa naa murteessi jette himatti. Kanaan booda, murtii dhugaa argatutti qa'eetti hin galtu. Siinqeen fi qanafaan kabaja dubartii Oromoo ti, Asallaa Muddee (1994) siinqee yoo ibsan , siinqeen seera kan mirga dubartii kachiisuuf bayaan mul'isuuf (dhugoomsuuf ) olitti.

Murtii Arsii keessatti Hayyichi yoo alangeen muru, bokkichi yoo bokkuun muru, dubartiin immoo siinqeen murti. Kanaafuu, siinqeen meeshaa murtii keessaa isa tokko. Siinqeen Ulee qal'oo dheertuu dubartiin qabattu. Ulee qal'oo dheertuu callaas miti, Ulee qal'oo dheertuu, simooftuu dha. Qaqaa keessa turtee , bifa dhalootaan qabdurraa jijjiramtee baay'eelee osoo hinqaqaa'iin diimtuu siimoftuu ta'uu qabdi. Siimoofteemaafiis siinqee hin taatuu, qajeeltuu fi dirraan walqiixxooftuu ijoo hin qabnee ta'uu qabdi jedhan.

Siinqeen sirnoota jila adda addaa keessatti kanneen akka buttaa qaluu ayyaana irreechaa irratti kan dubartiin qabattuudha. Waan kana ta‟eef siiqqeen meeshaalee ayyaanaati jechuu dandeenya. Guyyaata warrari dhiiraa horooroo qabatanii jilaaf socho‟an Beerri siinqee qabattee wajjin sochooti. Kanaaf, ulfinni bokkuf, kallachaafi caaccuuf kennamu siinqeefis haaluma wal fakkaatuun kan mul‟atuudha.

Siinqeen meeshaalee ulfoo ayyaana keessaa isa tokko ta‟uu danda‟a. Akkuma dhiirri bokkuu qabatu dubartiin ammoo siinqee qabatti jechuudha. Kanaaf meeshaaleen ulfoo ayyaanaa kun mirga dubartiis bifa qixa ta‟een kan eeguudha




**Suuraa** 2. **Gurraandhala 27/06/2013**

Akka yaada armaan olitti ibsameettii siinqee ulee qalloo bareedduu mukkeen adda addaakanneen akka harooreessaa irraa tolfamtuufi dubartoonnii yeroo jilaa adda addaa qabatuu ta'uu nu hubachiisaa.

## 2.2 Mallattoo seera siinqee

Daani'eel Ayyaanaa (1890-1940) akka jedhuttiseerri "sinqee ulee qal'oo, sorooroo mukaa harooreessa irraa muranii tolchan , kan dubartiin heerumtee qabbattuun ibsama. Mukti Harooreessaa qaql'aa fi sororoo wanta qabuuf kan laayyootti hin cabnee waan ta'eef filatamaa siinqee hojja / dheerina dubartii qabattu akka giitutti muru. Siinqeen akka diimatte bareeddu baaxii manaa jala bakka aara argattuutti suuqu. Siinqee akka Uleetti hin fayyadaman, Horii itti hin haleean. Yeroo qabatanilee akka dhadhaabbataatti hin fayyadaman, Dubartiin siinqee qabatanii gurmuudhaan sirna Hawaasummaa fi amntaa hedduu wanta raawwataniif siinqeen waraana dubartii ti" jedhu.

Yaadaa rime armaan oliirraa kan hubannuu siinqeen ulee qalloo sorooroo mukaa harooreessaa irraa kan tolfamtee ta'ee seeraan ala kan hin qabatamneedha. Gama birootiin immoo

dubartoonnii aadaa Oromoo keessattii siinqee qabatee waan hedduu raawwachuu waan dandeettuuf siinqeen ulee kabajaa waraana dubartii ta’uu isaa nu hubachiisa.

### 2.2.1. Mallattoofi Jaarmiyaa Dubartootaa Oromooti

Sabin oromoo akkumaa Saba adduunyaa biroo aadaa mataa isaa qaba. aadaan akkumaa wantootaa meeshaa ta’aniifi hin taanee qoqqoodama qaba. siinqeen meeshaalee aadaa oromoo keessaa isaa tokko.siinqeen gosaa ulee kabajaamaa dubartootaa oromoo taatee hawaasaa oromoo keessattii aadaa,dingdee siyaasa fi amantaa irrattii gahee olaanaa taphatuudha.Akkasumas malattoo ibstuu waan adda addaatii.

Dhaabbannii siinqee hundaa caalaa malummaa dubartootaa oromoo ibsaa. Dubartoonnii oromoo dhaabaa siinqee jalattii walittii qabamuun namootaa hawaasa keessattii dubartootaa midhee ykn seeraa waaqaafi safuu cabsanittii dheekamu Kuwe (1997).

Akka Oromoon ibsuttii siinqeen oromoo birattii mallattoo nageenyaa waan taatee kabajamuu qabdi.waaq birattii mirgaa dubartoota qaamin tokkoo yoo sarbee hin jaalatu.sababiin isaas akka saafuutti waan ilaalamuuf. Assafa (2010:9) yaada armaan olittii ibsamee kana ni deggaara. Akka kun jedhettii dubartootiin dinagdee,hawaasummaa,aadaa,siyaasaafi amantaa keessattii shooraa olaanaa waan taphataniif waaqa biraafi nama birattiis kabajamuu qaban.

Akka yaadaa hayyoota armaan olittii aadaa oromoo keessattii siinqeen mallattoo dubartootiin oromoo sirnaa fuudhaafi heeruumaa, sirnaa kadhannaa, sirnaa waraanaa dhaabuu fi mirgaa of ittiin kabachiisuuf akka mallattoo olaanattii ta’uu nu hubachiisaa.

### 2.2.2. Mallattoo heerumaa dubartootaa oromoo

Siinqeen hawaasa oromoo keessattii ulee kabajaa Haroressa, Ejersaa, Waddeessaafi kkf irraa tolfamee sirnaa heerumaa dubarttootaa oromoo keessatti akka mallattootii kan tajaajiluudha. (Tolosa, 2011:283, Kuwe, 1997) uleen siinqee dubartii heerumtuuf kan qophaa’uu firaa haadhaa ykn abbaatiin. Akka aadaa Oromoo Arsiitii dubartiin siinqeen kan heerumuu dandeettuu al-tokko qofaa.

### 2.2.3. Gahee Siinqeen Shaakala Aadaafi Amantaa Keessatti Qabdu

Siinqeen hawaasa oromoo birattii hawaasummaa, siyaasafi amantaa keessattii akka jaarmiyaattii gahee guddaa qabdi.akka wayyuu shaman oromootti rakkoon hawaasummaa kan akka hoongeefi beela hawaasa akkasumas, rakkoon nama dhuunfaas yoo muudatu dubartoonnii oromoo siinqee isaanii ol-kaasuun waaqa kadhatu.gama birootiin dubartiin ulfaa takkaas yoo daftee dahuu diddee dubartoonnii naannoo walittii qabamuun siinqee isaanii ol-kaasanii waaq kadhatuu. Waaq irraa deebii yoo argatan siinqee isaanii lafa kaa'uun waan milkaa'an sanaaf waaq isaanii galateeffatuu.Dhimma kanarrattii Hirut (2012:106) wabeeffachuun,"Kadhaan siinqee barmaatiilee mataa isaa qaba.rakkoon naannoo keessattii haala qilleessatiin walqabatee yoo umamuu dubartoonnii siinqee isaanii qabachuun lagaa bu'aanii fala godhatuu.Kanaaf immoo horii qaluun fala godhachuun guyyaa lamaa hangaa sadii achumaa turuun waaq isaanii kadhatuu.

## 2.3. Haadha Siinqee

Daaniyaa (2006: 231-257) akka jedhuutti " Haat intala heerumsiistuu siinqee , Boraatii fi Baarree qopheessiti. Siinqeen Mallattoo Birmadummaa/ Uumamaan biliisa ta'uu ti." Boraatii mukarraa soqamee tolfamee, calleedhaan faayamee immoo mallattoo haadha warummaa ti. Baarreen qoodaa aannaanii waan ta'eef mallattoo qabeenyaa ti.

Cidha Gaa'eelaarratti yeroo misirichi/ Idaayichi misiroo / Idaayyitti fuudhatee galuuf ka'uu haat ishee siinqee, booraatii fi baaree harkatti qabttee, balbal fuuldura teessi.

Idaayichi bira gahee dhaabbata. Haat Idaayitti "Hoo baarree barreesse" jette siinqee, Boraatii fi Baarree itti kenniti. Hoo bareesse jechuun yaboo / adaraa sirri keewwadhee jechuu dha .

Hamaamoonni yoo qa'ee gahuu Idaayichi siinqee, Boraatii fi Baarrere idaayititti kenna. Idaayitiin seera fuudhaa fi Heerumaa booda, siinqee,Boraatii fi Baarree qabattee ol seentee Gola ishee keessi kanumaan Haadha siinqee taati. Yeroo eebbisan ilee siinqee baarree of kolaa jedhu. Jiiffu / geetti fudhaa kana nagaa dhaan keessa fuula'aa jechuu dha. Siinqeen seeraan kennamee kanaan mirga haadha warrumaa isheen qabdu ittiin tikfatti. Hawaasa keessattis dubartoota siinqee qaban waliin gurmuu uummatanii seera adda addaa ittiin raawwachiisu.

## 2.4. Faaydaa kabaja siinqee

Siinqeen faaydaa tokko malee yeroo hundaa hin qabatamu. Yeroo rakkoon tokko dhufe dubartiin siinqee qabttee Lola (waraana), dhibee, caama hammaate, gaafa rakkoo kanaa dubartiin waan siinqee qabattuuf yoo lolli galee nagaa buusuuf, nama seera cabsee seeraan adabuuf, nama mirga dubartii sarbee adaba itti kennuuf, Caamni hamaatee akka rooboo waaqa kadhatuuf, nama dhibamu waaqa kadhatanii fayyisuuf, dubartiin ciniinsuun yoo turte, Yoo hoobbaatiin galaalchitee waaqa kadhatuuf malee lafa duwwaatti dubartiin siinqee hin qabattu.

### 2.4.1. Siinqeen Kabachiistuu mirga dubartoota Oromoo ti.

Abdulbaasiix Abdulsamad (2014) akka jedhettii Siinqeen Ibsiituu haqa seera sirna Gadaatiin tumameef kabchiisuu keessatti siinqeen falmachuun mirga dubartoota hundaa ti. Dubartootni dhiibbaa koriniyaa isaani irra gahuu ofiirraa facciisuuf , siinqeetti fayyadamu. Kunis kaku'msa gaariidhaan haala armaan gadiititti barreeffameen kan dhihaatu dha. Maanguddoonni Oromoo keessumaa Arsii kan ibsan kaleessa seera gadaa keessatti hanfalaas naa kennite jirtaa. Jaarmiyaa siinqees naaf dhaabdee jirta, Dhiibbaa akkanaatuu nadhaqabee naa argii, dhugaa tiyyaa naa murteessi jette himatti. Kanaan booda hanga murtii dhugaa argatuutti qa'eetti hin galtu.

“ Na tuffatee uumaa tiyya keessaa nabaase”. Jettee himannaan battaluma sanatti Maangoddoon bahaanii furmaata kennuuf “ Dubartiin hin sobdu” jedhamee waan amanamuuf, dubartii irratti ragaan hin gaafatamu. Yeroo kana Abbaan warraa himannaan ykn komiin irratti dhihaate, wanti adabamuu ni jira. Kan adabamuu qabuus haala kanaan ibsatti.

Korma horaa malee, dhaltii boollaa malee hin nyaadhu “Miirgoo hin beekuu diilgoo hin beekuu,“ jette dhaadannaan yaada isii ibastti. Sana achiis yeroodhuma sana bahee raawwachiisuuf beektuu sirna kanaa kan ta'aan Adde Bujaa Jiiloo yoo ibsan “ akka seera Gadaatti guyyaa seera dubartootaa Obboleeyyaan Abbaa tokko fi gosa fuudhaniif naannawwaa tokkotti argaman dhufte jedhamee miira soodaatiin simatama yeraa agarree qabna gaafa morka ulfiina guddaa dhiirarraa argannaa” jechuun ibsu.

Seera sirna Gadaatiin tumameef kabachiisuu keessatti siinqeen baatee seeraan falmachuun mirga dubartoota hundaati. Dubartoonni dhiibbaa korniyaa isaanirra gahu ofirraa faccisuuf siinqeetti fayyadamu. Kunis miira ho'aan haala armaan gaditti barreeffameen akka dhiyaatuudha maanguddoonni Oromoo keessumaa Arsiitti kan ibsan.

“Kaleessa seera Gadaa keessatti hanfalas naa kenniteetta jaarmiyaa siinqees naa dhaabdeetta. Dhiibbaa akkanaatu narra dhaqqabee naa argi, dhugaa tiyya naa murteessi” jettee himatti.

“Dubartiin hinsobdu” jedhamee waan amanamuuf dubartiirratti ragaan hingaafatamu. Yeroo kana namni (abbaa warraa) himannaan ykn komiin irratti dhiyaate wanti adabamu ni jira. Kaninni adabamuu qabus akka akkana jechuun ibsatti.

*“Korma Horaa Malee,*

*Dhaltii Boollaa Malee Hin Nyaadhu.*

*Mirgoo Hinbeeku Dilgoo Hinbeeku”*

jettee dhaadannaan yaada isii ibsatti jechuudha.

Shanachis (‘The judicial body’) yeroodhuma sana bayee raawwachiisaaf. Beektuu cimoo sirna kanaa kan ta’an Aadde Bujjaa Jiloo yoo ibsan, “Akka seera Gadaatti guyyaa seeraa “Ganyaan (dubartootaa obboleeyyan abbaa tokkoofi gosaa fuudhaniifi naannawa tokkotti argaman) dhufte jedhamee miira sodaatiin simatamna, nyaara aggaree qabna. Gaafa morkaa ulfina guddaa dhiirarraa argannaa” jechuun ibsu. Dabalataanis akki jedhan, “keessumaayyuu guyyaan nuti dubbannuufi itti mul’annu guyyaa sana.

Sababiinsaas Gadaatu Woyyooma keenya nuuf tume jedhu. Seerri tumame ammoo hindaaqu, hinjigu. Hawaasa bira amantaa cimaan, dubartiin jagna, jagna deessi, gamna deessi. Isheen ibsaadha. Biddeenni, jiruufi jireenya maatii hundaa ishiidha, amantiin jedhu jira. Kanaafuu iddoo hundatti kabajaan isaani ifa bahuu qaba jechuun ibsu. Namni seera malee dubartii tuqe hofkaltii hinqabu jedhu.

Dhugaan kun siinqeen humna jabaa akka qabduufi seerri cimaanis akka tumameef waan namatti mul’isu qaba. Siinqeen mallattoo seeraati jechuudha. Dabalataanis siinqeen humna dubartiifi safuu qabdii jedhu. Kitaabota adda addaa keessattis, dubartoonni yeroo rakkoon isaan mudatu mana, daa’immaniifi loon gatanii gara waltajjii iyyannaatti akka bahan ibsu.

Yeroo iyyannaaf baatu kana, akka maatiisaa hinkunuunsine, nyaata hinqopheessine, loonsaa hinbobbaafne, hingalchineefi hinelmine weedduun ibsataa baati jechuudha. Kana jechuun akkuma waliigalaatti dubartiin hundi eleelfattee waan waltti baatuuf manni hundi sochii tokko malee rakkoo guddaafi jeequma keessa oola. Kanaafi, maanguddoonni battala rakkoon kun uumametti bahanii furmaata kana kennaniif. Kun immoo hangam siinqeen humna dubartootaa akka taate ibsa.

Gama biraatiin, akka aadaa Oromootti dhiirri diinqa ykn gola hinseenu. Kunis seenaa mataasaa qaba. Sababa kanaas maanguddoonni oggaa ibsan, yeroo tokko dubartiin takka korma kolaafte jedhama. Yeroo sanatti dubartiin korma kolaasuun safuufi gahee hojii isiif kennameen ala waan ta'eef jaaroleen bahanii seera tuman jedhama.

Seerri isaan tuman sunis, waanti diinqaa (golaa) gadii kan dhiiraa, waanti diinqaa olii kan dubartii ta'uu daangessan. Dhiirri diinqa seene qurquraa (waan fokkuu) haa ta'u, dubartiinis daangaa qabeenya bulchituuf isiif kenname sanaa ala yoo baate waan seerri hinkenniniif hojjatte waan ta'eef seeraan adabamti jedha (adabbiinsaa maal akka ta'e ibsamuu baatus).

Kanumarraa ka'uunis dhiirri gola seenuun hanga yeroo dhiyootti safuufi akka saalfiitti ilaalamaa turuusaa jaaroleen ni ibsu. Ammallee darbee darbee dhiirri diinqa seenuun akka saalfiitti ilaalamuun ni mul'ata.

Yeroo sanatti dubartiin abbaa manaatiin yoo wallolte ykn walitti bu'insi yoo uumame gara diinqaa ykn golaatti dheessuudhaan siinqeeshii qabatti. Yeroo kana hanga fedhe aarus itti hindubbatu. Hindhaanu. Irraa deebi'a. Yoo gola seenee osoo isiin siinqee qabattee dhaabattuu loleen ykn dhaane ni adabama. Tokkoffaa ishii diinqatti ol dheessite faana seenuufi lammaffaa ishii siinqee qabatte dhaanuun adabbii cimaa akka qabu maanguddoonni himu. Dubartiin abbaa warraatiin wallooltee gara diinqaatti dheessite mararteefi kabaja akka qabdus ni dubbatu.

Ilmi haadhasaa ani dhiira jedhee hindhaanu, hintuffatus. Haadhasaa kabajuu qaba. Ilmi yoom haati waan fedhe isa irratti raawwattellee jalaa dheessa malee hinloluun. Ilmi haadha dhaanu yoo jiraate adabbii qaba.

Akka tasaa yoo ilma dhalteen dhaanamte ykn ija hamtuunuu ilaalamte itti ililfattee horii dhaltiin inni qabu akka irraa qalamu taasifti. Yoo qabaachuu baates waanuma qabuun akka adabamu taasifama.

Mucichis yeroodhuma sanaa jaarsolee barbaaddatee akka dubbii fixaniif gaafata. Haaluma kanaan horii dhaltii irraa qalatanii haadhatti woyyaa uffisiisanii daadhii bookaa naqee akka tufsiifatu taasifama. Asirratti wanti hubannu tokkoffaa, siinqeen qabiyyee amantaa waaqeffannaa waan qabduuf lammaffaa ummanni safuu waan eeggatuufi cubbuutu dhufa jedhee waan sodaatuuf ofumaa of ceephessuun dubbii ofirraa kan fixu ykn seeraaf kan bitamu ta'uusaati.

“Sirna Gadaa keessatti dubartiin ulfaa akkasumas deessuun baay’ee sodaatamtuudha. Dubartii ulfaa hintuqan. Qoraan cimaallee ishii biratti hinbaqaqsan. Yoo itti dheekkamanis handaara wayaatiin dhaanan (rukutu) malee miidhaa hamaa irraan hingahan”. Walumaagalatti, namni dubartii ulfa tuqe sa’a qala.

Qanafaas (dubartii dhiyoo deesse) dhadhaafi dammaan sooru, ni qananiisu jedha seerri ganamaa. Deessuun bakka hundattuu kabaja guddaa qabdi. Fakkeenyaaf mana namaa yoo seente diinqa malee hagicha (fuuldura) hinteessisan. Dhadhaa dibattu malee hinbaatu. Warri gabaatti waa gurguratu jabeessee itti hindubbatu. Aduun itti hinbaatu. Qanafaan dubartoota biratti faarfatamtuudha.

Dubartii Qanafaa kallacha qabdu dhaanuun adabbii qaba. Oftuulummaan, seera dabsuun ykn adabbii kennamu diduun hindanda’amu. Akkaataan itti adabsiisanis, dubartittiin Qanafaa rukutamte ykn dhaanamte siinqee ishii qabattee, elelfatti (waamicha naaf birmaadha dabarfatti). Yeroo kana dubartoonni qe’ee (ganda) sanii hundinuu walwaamanii siinqeesaanii qabatanii ba’uudhaan sagaleen komiisaanii dhageessifatu.

Qanafaa na cabsee” jechaa elelfate baanaan adabbiin yakka kanaa daran cimaadha. Sirna kana keessatti, namichi kan seeraaf hinbitamneefi yakkamaa ta’uusaas gara manasaa deemuudhaan faarfannaan ibsatu.

Yaadaa armaan olii irraa kan hubatamuu sirni kabajaa siinqee kan raawwatuu sababootaa adda addaa sababeeffachuun yoo ta’uu dabartoonnii Oromoo yoo mirgii isaanii sarbamuu siinqee isaanii qabachuun weedduu adda addaa weeddisuun caffaa bakka jedhamuttii yaa’uun qaama waa balleesse irraa horii qalachuun mirgaa isaanii akka kabachiifatan nu hubachiisaa.

**2.4.2 .Wal-Diddaa Abbaa Manaafi Haadhaa Manaa**

Akka qorannoowwan (Jane etal, 2008, Kuwe 1997 fi Esrael, 2009) ibsanittii siinqeen hawaasaa oromoo keessattii waldhabbiilee sadarkaa adda addaa qabu furuuf oola. Siinqeen wal-diddaa abbaa manaafi haadhaa mana furuuf shoorrii taphatuu daraan olaanaadhaa.haatii mana yoo abbaa warraatiin waldhabduu rakkoo kan furatuun karaa adda addaatiin yommuu ta’uu isaan keessaas,siinqeen tokkoodha. Abbaan warraa haadhaa manaa yoo miidhee dubartootiin naannoo

sana jiran hundinuu wal-waamanii gara mana ishee deemuun rakkoon galeef sababaa addaan baafatan.

Hayyuun Tolosa (2011:289) akka ibsettii, dubartiin dhanamtee qanafaa yoo qabachuu baatee ykn yoo deetuu ta'uu baatee lamanii isaanituu walittii araarsuu.garuu dubartiin dhaanamtee yoo qanafaaqabateeykn yeroo dhiyoo deete yoo jiratee haalaa qajeelfamaa siinqeetiin abbaan warraa adabamee araarrii bu'aa.

### 2.4.3. Sinqeen Wayyoma dubartiiti

Dhugaan kun siinqeen human jabaa akka qabduu fi seerri cimaaniis akka tumameef waan namatti mul'isuu qaba. Siinqeen mallattoo seeraa ti jechuu dha. Dabalataaniis siinqeen human dubartii fi safuu qabdii jechuu dha. Kitaaboota adda addaa keessatti dubartootni yeroo rakkoo isaan muudatuu, mana, daa'immaan fi loon gatanii gara waltajjii iyyannaatti akka bahaan ibsa. Yeroo iyyaafanaa baatuu kan akka maatii isaa hin kunuunsinee, nyaata hin qopheessine , loon isaa hin bobbaafine hin galchinee fi hin elminee weedduun ibsataa baati jechuu dha. Kana jechuun akkuma waliigalaatti dubartiin hundi ililfattee waan walitti baatuuf manni hundi sochii tokkoo malee rakkoo guddaa fi jeequmsa keessa ola. Kanaaf Maanguddoonni battala rakkoon kun uumameetti bahaanii furmaata kennaniif. Kun immoo siinqeen hangam human dubartootaa akka taatee ibsa. Gama biraatiin akka aadaa Oromootti dhiirri Gola/Diinqa hin seenu. Kunis seenaa mataa isaa qaba. Innis Maanguddootni yeroo ibsan, yeroo tokko dubartiin takkaa Korma kolaaftee jedhama. Yeroo sanaatti dubartiin Korma kolaasuun safuu fi gahee hojii isiif kennameef aala waan ta'eef, Maanguddootni bahaanii seera tuman jedhama.

Seerri isaan tuman kunis, Diinqa /Gola gadii kan dhiiraa, wanti Diinqaa olii kan dubartii ta'uu daangeessan kanumarraa ka'uumsi dhiirri Gola seenuun hanga yeroo dhiihootti safuu fi akka saalfiitti ilaalamaa turu isaa Maanguddootni ibsaniiru. Yeroo sanaatti Dubartiin Abbaa warraatiin yoo walooltee/ walitti bu'iinsi yoo uumamee gara diinqaa/golaatti dheessuudhaan siinqee qabatti. Yammuu kana hanga feedhe aaruus itti hin dubbatu, hin dhaanu irraa deebi'a osoo siinqee qabatte dhaabbattu gola seenee yoo dhaanee ni adabamaTolosa, (2011: 24 282)

Sirna Gadaa keessatti dubartiin Ulfaa fii Deessuun baay'ee kabajamtuu dha. Dubartiin Ulfaa hin tuqan, Qoraan biratti hin baqaqsan. Yoo itti dheekkamaniis handaara wayyaatiin danaan

malee miidhaa irraan hin gahaani. Walumaagalaatti namni dubartii Ulfaa tuqee sa'a qala. Kun immoo kabaja siinqeen dubartoota Oromoo Godina Arsiitiif qabuu agrsiisa.

### 2.4. 4.Lola dhaabuu

Gosa Oromoo gidduutti, walitti bu'iinsi uumamee, lolli hamaan/waraanni ka'ee, namni wal miidhe, dubartiin oduun lolaa kun dura, gurra bu'e, ililfattee, dubartoota bakka hallee dammaqsiti. Gurmuun dubartootaa, oduu waraanaa kana darbaa walii dabarsanii, siinqee qabatanii battalatti walga'u.Weedduu isaanitiin siinqee weeddisaa gara lafa lolaatti oggaa deeman, Waaqa siinqeedhaaf aangoo kana kenne faarsu. Iddoo lolaa sanatti wayta dhiyaatan immoo weedduu isaanii keessa, waraanni akka dhaabbatu maqaa Waaqaatiin gaafatu. Bakka lolaa sana yoo ga'an siinqee isaanii faarfachaa, lolli akka dhaabbatu gaaftu. Kanaan yoo dhaabbachuu dide, gidduu seenu. Waraana hamaa attamii illee yoo ta'e, seera kana bira hin darbu. Battalatti dhaabbata.

Haayyuun Kuwwee (1997) yaadaa isaanii akka ibsanittii, "Siinqeen aadaa oromoo keessattii meeshaa araaraaf dubartoonnii oromoo waldiddaan hamaan yoo uumamuu nagaa buusuuf itti fayyadamaniidhaa".

### 2.4.5. Yeroo da'umsaa

Dubartoonni gurmuudhaan socho'an kun, dubartii da'umsaaf ciniinsifattu biratti wal ga'anii suunqoo walii fidanii dubartii ciniinsifattu sana jajjabeessuu qofa otoo hin taane, akka ishiin nagaan hiikkattu weedduudhaan Waaqa kadhatu. Da'umsa boodas, gumaata walii fidanii wal gaafatu. Gaafa deessuun dhagna dhiqattus biratti wal ga'anii, dhadhaa muudanii, siinqee faarsanii Waaqaa galata galchaa oolanii galu. Akka aadaatti Ilmoo argachuun ulfina dubartiin tokko hawaasa keessatti qabduuf murteessaa waan ta'eef, gurmuun dubartootaa kun dubartii dhala dhabdeef, akka ishiin dhala argattu Waaqa waliif kadhatu. Dubartii dhala dhabdeef wayta Waaqa kadhatan marartee irraan kan ka'e imimmaan buusu.

### 2.4.6. Daa'ima guddifachuu

Mohaammed Hassan (1990: 65-85) wabeeffachuun akka ibseettii, warri ilmoo hin arganne, warri ilma hin qabne, fira irraa yookaan nama michuu ta'uuf irraa ilmoo guddifata. Dubartiin dhala hin

qabne, seera guddifachaan ilmoo guddifachuu barbaadde, siinqee qabattee, aannan ciicoodhaan fuutee warra irraa guddifattu sana dhaqxi.

Warri ilmoo irraa guddifachuuf filatan warra ijoollee baayee hore. Warri akkanaa, dubartii siinqeedhaan dhaqxee ilmoo isaan irraa guddifachuuf gaafatteef, ilmoo isaanii kennuuf dirqamu. Dubartiin siinqeedhaan deemtu hin qoltu/hin dhabdu,

Yaadaa haayyuu kana irraa akka hubatamuttii daa'ima guddifachuuf dubariin siinqee qabatee warraa daa'imaa yoo dhaxxee daa'imaa kennuuf irraa kan hafee namnii afoo dhaabbatuu hin jiruu.gama birootiin guddiifachaa daa'immanii keessattis siineen shoorrii taphatuu olaana ta'uu isaa nu hubachiisaa

## 2.5. Deeggarsa argachuu

Sababa adda addaatiin, warri deege, akka hin beelofne, akka hin daarre, horiin jalaa dhumee, sanyii baafatu dhabee lafti bara akka hin baanes siinqeen fala qabdi. Warri rakkina akkanaa irra bu'e, haati warraa siinqee qabattee, warra dureessa ta'e dhaqxee, rakkina himannaan argatteet galti.
Dubartiin siinqee qabatte, gargaarsa gaafattee namni dhoowwate, ni abaaramaa, hin milkaa'u jedhu. Kawaasnis nama akkanaa ofitti qabuu didee qoollifata/wucaa baasa. Kanaafuu namni ishiin gargaarsa gaafatte kennuun dirqama isaa ti

Sababa adda addaatiin, warri deege, akka hin beelofne, akka hin daarre, horiin jalaa dhumee, sanyii baafatu dhabee lafti bara akka hin baanes siinqeen fala qabdi. Warri rakkina akkanaa irra bu'e, haati warraa siinqee qabattee, warra dureessa ta'e dhaqxee, rakkina himannaan argatteet galti.

Dubartiin siinqee qabatte, gargaarsa gaafattee namni dhoowwate, ni abaaramaa, hin milkaa'u jedhu. Kawaasnis nama akkanaa ofitti qabuu didee qoollifata/wucaa baasa. Kanaafuu namni ishiin gargaarsa gaafatte kennuun dirqama isaa ti.

## 2.6. Walti Dufeenyaa Dubartootaa fi Sirna Gadaa

Gaheen dubartootaa siyaasa sirnaa gadaa keessattii beektootaa gidduttii walmormii hamaan akka uumamuu taasiisaa.beektootiin tokko tokkoo immoo dhaaba siinqee ilaaluun dubartoonnii bakka cimaa qabachuu qabuu jedhanuu murteessuu.Yeroodhaaf qabbanee waqayyoo akka ibsanittii dhiibbaa fi aangoon dubartoonnii dimookraasii keessattii qaban dhimmaa ijaarsaa hawaasaatii malee dhimma caasaatii miti, (Qabbanee Waqayyo 1991:6). gama biratiin Kuwee Kumsa [45] akka jettettii seenaa siinqee irrattii hojjechuufi qorannoo geggeessuun oromoo gidduttii dhaabbata siinqee cimsuu barbaachiisa.

Akka hayyuu Kuwee Kumsa (1991: 113) yaada isaanii keessattii ibsanittii jiruufi jireenyaa hawaasaa keessattii dubartiifi dhirrii hadhaamaa guddaa qabanii.Kana jechuun dubartiin dhiiraa malee dhirrii dubartii malee jiraachuun jiruu guutuu hin taaneefi hikkaa hin qabneedha.

Yaadolee hayyoota armaan oliirraa waanni huubannu,dubartiin dhiiraa malee dhiirrii dubartii malee jirachuun jiruu guutuu osoo hin taanee jiruu hiikkoo hin qabnee ta’uu isaa nu hubachiisaa.gama birootiin gahee dubartiin siyaasa sirnaa gadaa keessatti qabduu olaanaa ta’uus ibsaa.

## 2.7. Jaarmiyaa Siinqee

Siinqeen ulee kabajaa guddaa qabuu kan guyyaa cidhaa akka kennattii dubartii heerumtuuf kennamudhaa. kennii guyyaa kanaa kan agarsiisuu qarree irraa garaa haadaattii jijjiramuu mul’iisa. haatii fiixee siinqee tokkoo qabachuun yoo sagalee sirbaatiin eebbistuu, itallis fiixee isaa biraa qabachuun “haa ta’uu”ykn Amen jettii.

Dabalataan siinqeen, mallattoo haadhoolii hundaafi dubartootaa hundaa walittii hidhaa.akkasumaas dubartootaa hedduuf akka wabiittii tajaajila. akkasumas siinqeen mallattoo dubartii maatii halagaa ta’ee kan biraa wajjiin walittii hiituudhaa. gama birootiin siinqeen ciminnii ateetee kan ibsuudhaafidubartiin ulee siinqee qabatanii kan waaqaa itti kadhataniidhaa(kumsa,1997).

## 2.8. Humna Siinqee fi Araara

Jaarmiyaalee sirni gadaa ijaaree keessa tokko siinqeedha. siinqeen jaarmiyaa humnaafi mirga dubartootaan wajjiin hodhannoo qabduudha.akka horoorfi bokkuu aangoofi humna abbaa gadaafi abbaa bokkuu ibsaan siinqeenis ulfina angoofi humna dubartootaa hagama akka ta'e ibsuu kan dana'uudha. seenaafi ka'uumsa siinqee yeroo akkasii yoo jedhamaa baateyyuu jalqaba maatii tokko keessatti jiru garuu yoo fudhannee siinqeen guyyaa gaa'ela ishee intala heerumtuufi kan haadhan kennamudha. kennaan kunis yaadannoo haadha isheefi malattoo hormaatati,kan daa'iman deesse itti hammattu,hawwii dhalootaati. kana malees milkii jireenya gaaritiifi duudha hawaasa hawwii jiruufi maatiiti. ykn kan dubarri heerumtu guyyaa cidha ishee jabbilee ittiin rukuttudha,kunis mirga qabeenya ishee kan ittiin mullistuudha. kan hammeenya dhiira ittiin ofirraa to'attuu,kan mirga ishee ittiin eegsiistuudhaa.

Gama biraan siinqeen ulee jilaati. guyyaa sirni buttaa kabajamufi ayyaanoota akka irreechaa kabajaman kan dubartootan qabatamuudha. yeroo baayee siinqeen kan muramu mukaa leemanii,ulmaayii,waddeessa,harooreessaa urgeessarra yoo ta'uu, iddoo mukkeen kun hin jirretti muka birarra murachuu siinqee tolfachuu ni danda'ama. guyyoota warri dhiira hororoo qabatanii jilaaf sochoo'an dubarris siinqee wajjiin sochooti,kanaaf ulfinni bokkuu,kallachaafi caaccuuf siinqeefis haaluma walfakkaatuun kan mullatudha. gama biraatiin ulfinn siinqee ulfina haati qabduu kan madalamuu waan ta'eefi seera ikkeefi safuu sirni gadaa dubartiif kennuun kan murtii seera qabduudha.

### 2.8.1. Humna Siinqee

Siinqeen iddoo walittii bu'iinsiifi hammeenyii jirutti akkuma bokku sodaa tokko malee lolaa jidduu seenuun gochii hammeenyaa akka hin raawwannee daangaa ta'uun walitti bu'iinsi akka dhabatu godhu. siinqeen humnaafi ulfina bokkuudhaafi kennamu qabdi. kana malees nageenyaafi tasgabbiin akka bu'uu siinqeen dubartoota gurmeessun kan hojjettudh. namoon wal-ajjeessan yoo jiratan dubartoonni waltajjii beekamattii bahanii siinqee (ulee) safuufi seera qabdu qabachuun kadhaa isaanii godhu.''**Nuuf Ararami Yaa Abbaa**"jedhanii kadhatu.hanga warri kadhataman araraaf tole jedhamanitti manatti deebi'un hin jiru,(Mangudoota Jiillee 1996).

Dubartoonnii siinqee qabatanii yeroo manaa yaa'an maatiin marti beelofte jechuudhaan,jabbileen sawwan bira hin geessuu.namni daa'imaaf nyaata tolchuu hin jiru,kan hojittii bobba'uuf nyaata qopheessuu hin jiru.sochiifi jiruun mana keessa marti ni dhaabbata.kanaaf jaarsooliifi hayyoonnii warri bokkuufi warri abbooti gadaa waltajjii sanatti ariitiin argamuun dubartoota maddii ijjatu.rakko jiru qoratanii gareen hammeenyaan wal-barbaadan lamaanu akka araraaf dhufan dirqiisiisuu. akka lubbuun hin dabarreefi duullii ykn walitti bu'iinsii ykn hammeenyi gosaafi ummata jidduutti hin uumamnee gochuun araraa akka ta'an godhu.kan balleesse akka kiisuu,kan miidhames akka beenyaa fudhatu godhu. bifaa kanaan siinqeen jaarmiyaa ta'uun akka ummata keessatti tajaajila guddaa kenna turteedha.

### 2.8.2. Siinqeen Humna Dubartootati

Siinqeen humnaa dubartootaati kan jedhamu inni lammaffaan miseensii maatii tokko kan ta'an keessa dubartiin tokko yoo dhiiraan irra deddeebi'e midhaan kan irra gahu yoo ta'e dubartoonnii walitti birmatanii iyya siinqee kan raawwataniidha.

Dubartoonni kun akkuma isaa duraa maatiifi loonii gatanii waan gara waltajjii iyyatti dhufaniif daa'iimtiifi jabbileen manatti ni beela'uu.Namoota warra jajjaboo ta'aniifis namni nyaata qopheessuu hin jiru.kanaaf dubartoonnii iyya kanaan humna isaanii ittiin mullisaniidha. kan malee dubartoonni kun baayeen isaanii gosa tokko keessaa waan dhufaniif (Gammachuu,1999) abbootiin obboolaan yoo dhaga'an isaan rakko biraa waan fidaniif jaarsooliinfi hayyoonnii naannoo san jiraatan murti kennuuf seeraaf ta'uu,namni balleessa kana raawwates adabbi itti murteessuu,yeroo baayyee hangaa horii ykn sangaa tokko irra qalachuu gahu.sangaa irraa qalatanii sanas qalanii manatti guuraniifi biraa deemu.

Kanaan booda namni yakka raawwate sunis yakka raawwate dhiifama gaafachuun akka mana isaa seenanii foon horii qalamee san nyaatan kadhata.erga namtich yakka isaa amanee lammata gochaa akkasii akka hin raawwannee waada seenee booda mana isaa seenuun nyaata akka sooratan ta'uu.jaarsii biyyaafi hayyoonnis gorsaafi araraa kanatti makamanii mirgaafi seerrii siinqee akka ulfinaan raawwatu gargaaru malee falla ta'uu safuu siinqeen qabduu mormiin tokkollee hin godhamu.

Akka hayyuu Asmerom (1973:19) jedhuttii “sirnaa gadaa keessattii akka seenaan ibsutti dubartoonnii oromoo gochoota tokko tokkoo keessatti hirmaachuu hin danda’an”.Hayyoonnii tokko tokkoo akka ibsanitti dubartoonnii oromoo jaarmiyaa siinqee kan hundeessaan ofii isaani ta’uu isaati. Sababiin isaas sirna gadaa keessatti dubartoonnii siyaasa keessatti akka hin hirmanne sirnichii dhiibbaa waan godhuuf.

# BOQONNAA SADII

## 3. Malleen Qoranichaa

Boqonnaa kana jalatti qabxiileen dhuunfataman Akaakuu qorannichaa, madda ragaalee, meeshaalee funaansa ragaalee, mala iddatteessuu, malleen qaaccessa ragaalee akka armaan gadiiitti dhiyaatan.

## 3.1. Saxaaxa Qorannichaa

Kaayyoon qorannoo kanaa galmaan gahuuf, qorattuun gosa qorannoo makaa (akkamtaafi ammamtaa) fayyadamtee jirti.Sababni malli kun filatameef odeeffannoon walitti qabaman mala lakkoofsaafi ibsaa hiikuun waan barbaachisuufi. Kunis, kan taʿʿe ragaalee bifa bilchina qabuun funaanamuufi qaaccessuuf barbaadameeti. Kun immoo mala tokkotti fayyadamuu caalaa wanti barbaadamu gadi fageenyaan akka hubatamu gargaara. (Creswell, 2009), Akka yaada kanaatti qorannoo tokko keessatti kan xiyyeeffatamuu qabu rakkoo qorannichaan walqabatee kaʿʿe sana bifa sirriin itti hubachuudha malee adda baasnee mala tokko qofa fayyadamuun qorannicha geggeessuu miti. Kanaafuu, qorannoon kun kan adeemsifame qorannoo ibsaafi lakkoofsaan. Malleen qorannoo kanneen lamaan waliin makuudhan adeemsi qorannoo gaggeeffamu ammoo mala makoo jedhama.(Addunyaa, 2011).

## 3.2. Irraawwatama Qorannichaa

Irrwwatamni qorannoo kanaa Aanaa Martii Godina Arsii naannoo oromiyaattii. Qorannoon kun aanaa kana qofa irratti akka xiyyeeffatuuf sababa kan ta’e qorattuun irra caalaatti jiraattota aanaa martii kanaa irraa odeeffannoo quubsaa nan argadha jedhee waan tilmaamteef filatte.

## 3.3 Madda Odeeffannoo

Odeeffannoo gahaafi barbaachisaa ta'e argachuuf qoratuun maddoota marii garee dabalatee Aayyoolee waa’ee sirna kabaja siinqee hubannoo aban , mana-guddootaa hubannoo sirnichaa qaban,namootaa waajjiraa aadaafi tuurizimii aanichaa keessaa  fi Intarneetiirraa akka adeeffannoo ragaatii fayyadamteertii.

## 3.4. Iddattoofi Mala Eddatteessuu

Mala iddatteessuu ilaalchisee Dastaa Dassaaleny Trochim (2006: 132) wabeeffachuun akka ibsetti, iddattoon hiika itti aanu kana qaba. "Sampling is the process of selecting units (e.g., people, organizations) from a population of interest so that by studying the sample we may fairly generalize our results basck to the population from whichthey were chosen." Akka yaada kanaatti iddattoo filachuun adeemsa jamaa tokko keessaa odeeffannoo argachuudhaaf namoota yookaan qaamota jamaa sanaa fudhatanii itti fayyadamuudha jechhuun ibsa. Dabalataan Dastaan iddattoo akka waliigalaatti iddoo lamatti qoonnee ilaaluu dandeenya. Kunis: mala iddattoo carraafi miti carraati. Kanuma bu'uura godhachuun haalli iddattoo qorannoo qorattuu tanaa iddattoo miti carraa irratti xiyyeeffate. Kana keessaa immoo qorattuun tun iddattoo akkayyoo fayyadamuun dirqama itti ta'ee jira.Sababni isaatis, gosni iddatteessuu kun qorataan tokko beekumsa dhimmicha irratti qabu irraa ka'uun kanneen odeeffannoo irraa argachuu danda'u murteessuun ragaa qorannichaaf ta'u argachuuf isa gargaara waan ta'eefiidha.Yaada kana ilaalchisee Berg. B. (2001: 32) irratti yoo ibsu, "W hen developing a purposive sample, researchs use their special knowledge or expertise about some group to select subjects who represent this population." Ncholas William ( 2006: 79) gama isaatiin, " Purposeve sampling is when the researcher selects what he/she thinks is a 'typical' sample based on specialist knowledge or selection criteria.Akka yaada hayyoota kanneeniititti, qorataan mala iddatteessuu akkayyoo /kaayyeffataa/ kanatti fayyadamu beekumsi waliigalaa duraan dhimmicharratti qabu murteessaadha. Mala kana keessatti iddattoo heddu fayyadamuu irra iddattoowwan dhimmi qorannoon kun irratti adeemsifamu waliin walitti hidhata cimaa qaban muraasa irraa odeeffannoo fudhachuu ni danda'a jechuudha.

Tooftaa iddatteessuu kana ilaalchisee hayyuun Jane (2003: 78) irratti yoo ibsu, "In non-probablity sample, units are deliberately selected to refelect particular features of or groups with the sampled population," jedha. Yaada kana irraa haaluma hubachuun danda'amutti, tooftaan mit-carraa kun itti yaadamee iddattoo filachuuf nama kan gargaaru ta'uu isaati. Haaluma kanaan qorannoo kana keessatti qorattuunis namoota naannawa qorannoon kun itti adeemsifamu keessatti argaman keessaa kanneen dhimma kanarratti odeeffannoo guutuu kennuu danda'an manguddoota, hawwaanfi namootaa waajjiraa aadaafituuruzimii Aanaa Martii

kekeessaa hojjetan mala iddatteessuu akkayyoo keessatti itti yaaduun madda odeeffannoo filachuun ragaalee dhugummaa qabaniifi amansiisaa ta'an sassaabattee jirti.

## 3.5. Malleen Funaansa Ragaalee

Meeshaaleen ragaa funaanuuf gargaaran isaan gurguddoon bargaaffii, af-gaaffii, marii garee fi dawwanaa ta‟uu addeessa.Qoratuun adeemsa qorannoo ishee keessatti ragaa qabatamaafi amansiisaa ta'e argachuuf meeshaalee ragaan ittiin funaanaman akka armaan gadiitti fayyadamteerti.Meeshaaleenn kunis:- afgaaffii, marii garee fi dawwaana gargaaramteerti.Isaanis akka armaan gadiitti addeeffamaniiru.

### 3.5.1. Af-gaaffii

Af-gaaffiin meeshaa funaansa ragaa odeeffaannoon ittiin funaannamuufiqorannoon ittiin sassaabamu keessaa isa tokkodha.Akkasumas af-gaaffiin mala qorannoon akkamtaa /qulqulleeffataa/ keessatti meeshaa odeeffannoon keessaa isa bu'uuraati.Yaaduma kana ilaalchisee, Scott and Deirded (2009: 47) yoo ibsu, "Interview is one of the most popular qualitative research tools. It is very important in gathering reliable data," jechuun kaaya. Yaada kanarraa wanti hubatamu, mala qorannoo qulqulleeffataa kanaaf raga funaanuu keessatti af-gaaffiin meshaa beekamaafi baay'ee barbaachisaa akka ta'e ta'uu isaati. Malli kunis mala qorattuun tun qaama odeeffannoo irraa argattu waliin fuulaan wal-arguudhaan odeeffannoo qorannoo isiitiif barbaaddu itti funaannattuudha. Af-gaaffiin sababa qorataafi qaamni odeeffannoo kennu fuulletti wal-arganiifi ragaa qulqulluu argachuuf filatamaadha. Yaada kana ilaalchisee David E. (2004:213) irratti yoo ibsu, "An interview is a conversation between people in which one person has the role of researcher. The interviewer has to pose quations (in either structured, semi- structured or unstructured format.) Liten to (and data capture). The responces and pose new quations." Jedha. Akka yaada kanaatitti waliin dubbii hawaasa waliin taasifamu ta'ee, isaan keessaa tokko qoratticha ta'a. Haaluma kanaan qorattuun tunis af-gaaffiif qaama odeeffnnoo kennu 4 kan siran raawwii kabajaa siinqee irratti beekumsa gadi fageenyaan qaban filachuudhaan kaayyoo qorannoo kanaa galmaan gayuu keessatti dhimma itti baatee jirti. Af-gaaffii ilaalchisee Moriarty (2011:8) irratti yoo ibsu, "Intervieuls remain most comman data collection method in qualitative research and are familier and flexible way of asking people about there opinions and experiences" jechuun kaaya. Akka ibsa yaada hayyuu kanaatitti

funaansa ragaa kan qorannoo akkamtaatiif mala filatamaafi baratamaadha. Kana malees qaama odeeffannoo kennanirraa yaadaafi muuxannoo gargaaru kan argattu ta'uu isaati. Dabalataan Dastaa Dassaaleny (2013:11) karaa biraatiin Dastaan (112-113) Yaalew wabeeffachuun yoo ibsu, yoo af-gaaffiin odeeffannoon funaanamu sochii qaamaa odeeffannoo kennitootaa irraas odeeffannoon dabalataa argamuu akka danda'u, odeeffannoo kannennitoonni deebii kennuuf yoo shakkii qabaatan qorataan gaaffii isaa sirriitti ifa gochuun akka ifa ta'anii deebisaniif gochuu akka danda'u, odeeffannoo bargaaffiifi daawwannaadhaan argachuu hindandeenye kan akka ilaalchaa mala kanaan argachuu akka danda'aniifi odeeffannoo gadifageenyaa argannee sirriitti ibsuu barbaannu mala kanaan gaafannee itti fayyadamuu akka dandeenyu lafa kaayee jira. Kanaafuu, qorannoo kana keessatti odeeffannoo sassaabuufi af-gaaffiin hincaaseffamne hojiirra oolee jira. Gaaffileen kunniinis: Sirni raawwii Kabajaan siinqee hawaasa oromoo birattii qabuu maal?Raawwiin sirna kabaaja Siinqeen yeroo kam, eenyuufaan, eessatti, maaliif?Bu'aan siinqee akka naannichatti qabu eenyuufi, maal fa'i?Raawwiin sirna kabajaa Sinqee har'a sadarkaa maalirraa jira? Maaliif? Gaaffiwwan jedhaniifi kanneen biraatis gaafachuun odeeffannoon funaanname jira.

### 3.5. 4.Daawwannaa

Daawwannaan mala odeeffannoon qorannoo ittiin funaannamu keessaa isa tokko ta'ee, kan qorataan tokko bakka qorannicha itti adeemsisu sanitti yeroo yeroodhaan argamee qaama qorannoo irratti adeemsisu san hordofuudha. Sarantakos (2005:234) irratti yoo ibsu, "Observation provides information when other methods are effective, relatively less complicated and less time consuming and offers collection of wide range of information" jedha. Akka yaada hayyuu kanaatti daawwannaa kana kan dhimma itti baanuuuf, malli biraa yeroo dheeraa waan fudhatuufi wal-xaxaa yoo ta'eedha. Kana malees, odeeffannoo bal'aa ta'e qorannicha kana irratti argachuuf daawwannaatti dhimma bahuun iddoo olaanaa akka qabu hubanna. Daawwannaa kana ilaalchisuun Dastaa Dassaaleny (2013 : 118 ) irratti warri qorannoon irratti gaggeeffamu sunniin kaayyoo beekanis beekuu baatanis, waan isaan dalagan, akkatti isaan dalagan, haasawa isaanii, barattoota yoo ta'an sochii isaan barnootarratti taasisan, kan jeeqanis yoo ta'e sirriitti ilaaluufi dhaggeeffachuudhaan galmeeffata.Haaluma kanaan qoratuun tunis fakkeenyaaf iddoo sirni raawwii kabajaa siinqee itti adeemsifamu irra deddeebiin deemuun sirnicha san daawwachuun odeeffannoo funaannateen durirraa eegalee sirnii raawwii kabajaa sinqee kun kan adeemsifamu

seera mataa isaa kan qabu ta'uu isaa wayta daawwannaan kun adeemsifamu san irraa hubachuun danda'amee

### 3.5.3. Marii Garee xiyyeeffannoo

Mariin garee kun odeeffannoowwan gaaffii afaaniitiifi daawwannaadhaan walitti qabame sana bal'inaan qaaccessuufi yaada waliigalaa irra gayuuf kan gargaaru yoo ta'u, namoota sirna kana irratti hubannoo qabanfi yaada hayyootaa walitti qabuudhaan marii adeemsisuun yaada gabbataafi dabalataa argachuuf mala qorattuun filatteedha. Marii garee kana ilaalcsee Neuman, (2007: 88) akka ibsutti, isa namni tokko beeku, inni biraa hinbeeku, kan tokko dagate inni biraa immoo itti dabalee nutti himuu nidanda'a. Kanaafuu odeeffannoo gahaafi ragaa amansiisaa ta'e argachuuf mala kanaan qorattuun tun yaada odeef kennitoonni kennan haalaan dhaggeeffachuun yaadannoo qabachuuniifi sagalee waraabbachuuf mala gargaaruudha. Haaluma kanaan beekumsa namoonni mataduree kana irratti qaban irratti hundaayuun manguddootaafi hawwan 10 odeeffannoo kennitootaa marii gareetiif gandoota sadan filataman keessaa filatamanii mariin kun raawwatamee jira.Marii garee ilaalchisee Moriarty (2011:18) yoo ibsu, "Intervieuls remain most common data collection method in qualitative research and are familier and flexible way of asking people about their opinions and experiences "jechuun kaaya. Akka yaada hayyuu kanaatitti funaansa raga kan qorannoo akkamtaatiif mala filatamaafi baratamaadha. Dabalataan qaamota odeeffannoo kennan irraa yaadaafi muuxannoo tajaajila kennu ta'uu agarsiisa. Haaluma kanaan marii adeemsifame kanaan gaaffiiwwan sirnaa raawwii kabajaa siinqeen kanaan wal-qabatan,siinqeen yoom akka kabajamuu? Amma siinqeen naannoo qorannoon geggeeffamee irrattii sadarkaa malii irraa akka jiru? Raawwii kabajaa siinqee keessattii eenuu faa'aa akka hirmaatuufi eessattii akka kabajamuu? Faayidaan siinqeen hawaasa birattii qabuu maalii faa'aa? sadarkaa yeroo ammaa siinqeen irraa jiruu maalfaa'aa?Jedhan dhiyeessuun marii adeemsifameen qorattuun tun odeeffannoo barbaachisaa ta'e funaannattee jirti.

## 3.6. Mala Odeeffannoo Qaacceessuu

Odeeffannoon tokko madda odeeffannoo irraa meeshaalee barbaachisoo bu‟uureffachuun erga walitti qabame, dhimmi itti yaadamuu qabu ni jira. Kun immoo mala dhiyeessaafi qaaccessa odeeffannoo jedhama.Haaluma kanaan qorannoo kan keessatti qorattuun hojii ishee dhugoomsuufiamansiisaa taasiisuuf odeeffannoo maddeen irra walitti qabatte karaalee adda addaan

xiinxalteerti. Ragaan meeshaa qorannoo sakatta‵‵insa afgaaffii,dawwaannaafi marii gareetiin argame qorannoo akkamtaan akka ibsamu ta'e.

### 3.7. Naamusa Qorannichaa

Kaayyoo tokko galmaan gahuudhaaf ykn waan hojachuuf kaayefatte tokko galmaan gahuuf safuu ykn sona hawaasichaa eeguuf amala gaarii qabaachuun barbaachisaadha. Qorataan tokko odeeffannoo barbaade tokko milkaa’uuf qaama odeeffannoo irraa funaanatu san fakkaatee qorachuu qaba.Fkn uffannaadhaan, nyaataan, amala isaan qaban gonfatee odeeffannoo fudhachuudhaaf wal baruufi kaayyoo qorannoo kiyyaa ergan ibseefi booda hayyama gaafachuun, odeeffannoo barbaachisaa ta’e ergan fudhee booda dhumarra namoota odeeffannoo naaf kenneef eebbaafi kabaja gudaadhaan galateeffachuun kan raawwatameedha

# BOQONNAA AFUR

## 4.1.QAACCESSAAFI IBSA RAGAALEE

Qorannoo mata-duree “Raawwii Sirna Kabaja Siinqee Aadaa Ummataa Oromoo Godina Arsii Aanaa Martii” jeedhu keessatti qabxii ka‟umsaa keessatti bifa gaaffitiin dhiyaatan bal‟inaan kan deebii itti argataniidha. Haaluma kanaan ragaawwan odeeffannoo kennitootarraa meeshaalee ragaa ittiin funaanaman kanneen akkaa: af-gaaffiin, marii gareefi dawwaanaan funaanamaniifi walitti qabaman haala walduraa duubaan kan dhiyaatuudha.Akkasumas, odeeffannoon af-gaaffii namootaa waajjiraa aadaafi turuziimii fi manguddootaafi hawwaan argameefimariin garee mangoddoofi hawwan waliin taasiifameefi dawwanaan godhame of eeggannoodhaan ibsamee jira.

As jalatti, malli ragaaleen ittiin qaacceffamanis ragaalee marii garee.dawwaannafi af-gaaffii namootaa Waajjiraa Aadaafi Turuzimii fi mangoddoofi hawwan irraa argaman mala akkamtaan( qulqulleeffanatiin) qaacceeffamanii jiru.

### 4.1.1 .Akkaataa Yeroo Raawwii Kabajaa Siinqee

Raawwiin kabajaa siinqee haala ittiin geggeeffamuu qaba.kunis siinqeen kan yeroo hundaa



geggeeffamuu osoo hin taanee sababootaa adda addaa sababeeffachuun kan geggeeffamuudha.

Suuraa 3. Af-gaaf Addee Kibbinaash Tarreechaa Bittooteessaa 21/2013 waliin taasiifame **irraa** akkaa hubachuun danda’ameettii akka naanoo keenyaattii siinqeen kan geggeeffamuu taateewwan armaan gadii yoo uumamaniidhd**.**

- Yoo loollii hamaan jiraate

- Hoongeen garmalee sa’aa nama yoo miidhee
- Dubartiin qanafaa yoo dhaanamtuudhaafi kadhannaa adda addaatiif jechuun yaadaa isaanii kennaniiruu

Isumaa kana marii garee manguddootaafi hawwaan waliin geeggeesseen yoo loollii hamaan uumammuu dubartootiin loola san battalattii qorriisiisuuf siinqee isaan qabachuu sagalee *Elel elel elel elel elel elel* jedhu jechuun lollii akka dhaabbatuu godhu.yeroo dubartiin siinqee qabattii gidduu seente qaamni diidee lolaa ittii fufee akkaataa murtii dubartiin siinqee qabduu qabduutiin ni adabama.

Akka maree garee manguddootaa, hawwaanii fi namootaa af-gaaffii irra yaada argannettii yoo hoongaan hamaan uumammuu dubartoonnii siinqee isaaniitiifi margaa jiidhaa qabatanii malkattii bahuun waadduu armaa



**Suuraa 4.Marii Garee Ebla 12/ 2013 Manguddootaa Waliin Taasiifame**

Marii garee manguddootaafi hawwaanii waliin taasiifamaan raawwaanii sirna kanajaa siinqee kan raawwatamuu dubartii qanfaa yoo dhanamteedha.dubartoonniis weeduu armaan gadii waaddisaa gara mana dubartii dhanamteetii.

Ateetee sinbirree barii<br>
Deettuu dhanaanii hinjirraa maalii?<br>
Harmii annanii hinjirraa maalii?<br>
Duugdii baattoo’oo hin jirraa maalii?<br>
Ateetee hirqamuu baalaa<br>
Deettuu dhaananii dirmammuu laalaa<br>
Elel elel elel elel elel elel elel elel elel

Ergaa dubartoonnii mana dubartii dhaananii gahaanis manguddoon sagalee armaan gadii dhageessisuun dubartootaa kadhatuu

*Ganyaa dhiltee dhinnaa*
*Ganyaa dhiltee dhinnaa*
*Ganyaa dhiltee dhinnaa*
*Ganyaa dhiltee dhinnaa*
*Ganyaa dhiltee dhinnaa*
*Ganyaa dhiltee dhinnaa*




**Suuraa 4. Afgaaf miseensaa Aadaafi Turuziimii Aanaa Marii Obboo Sulxaan Hinkkaa waliin Bittooteessa 23/2013**

Yaadaa kanaan walqabatee afgaaffii gaaffii  miseensaa Aadaa fi Turuziimii Aanaa Marii obboo Sulxaan Hinkkaa waliin taasiifameen cuufaan yaada isaanii yoo ibsan, raawwiin kabajaa ayyaanaa siinqee akka ayyaanootaa biroo kana kaalaandariin kabajaamu osoo hin taanee, qabxiileewwan armaan gaditti eeraman yoo uumaama ta’uu ibsaniiruu

- Yoo loollii hamaan jiraate
- Hoongeen garmalee sa’aa nama yoo miidhee
- Dubartiin qanafaa yoo dhaanamtee
- Mirgii dubartootaa karaa adda addaatiin yoosarbamee kan kabajamuudhaa.

### 4.1.2 .Kabajaa Ayyaanaa Siinqee Keessattii Qoodaa Fudhaattootaafi Iddoo Isaa



**Suuraa 5.Marii Garee Ebla 12/ 2013 Manguddootaa Waliin Taasiifame.**

Akka ragaleewwaan tokko tokkoofi marii manguddootaa armaan olii wajjiin taasiifame irraa hubachuun danda'amettii raawwii kabajaa ayyaana siinqee keessattii qooda adda durummaan kan fudhatuu dubaritoota qofa ta'uu isaa marii garee kanarraa mirkaneeffanneera. Kana malees siinqeen cali jedhamee kan qabatamuu osoo hin taanee yeroofi iddoo mataa isaa akka qabu marii manguddootaa waliin taasiifame irraa caqasuun danda'ameera.Iddooleewwaan siinqeen itti kabajaamu keessaa isaan murasin kanneen armaan gadiiti.

- Yeroo hoongeen hammaatuu malkaattii
- Yeroo loollii hamaan uumamuu garee loolaa uumee gidduu
- Yeroo abbaan warraa  haadhaa manaa dhaane mana dubartii dhaanamteettii
- Yeroo dubartiin detuu mana dubartii deetettii
- Mana chidhaattii
- Malkaa irrechaattii
- Malkaa ykn iddoo ateeteen itti kabajamtuuttii yoo ta'uu

Akka marii manguddootaa irraa odeeffannoo sasabuun danda'amettii siinqeen keessattii kan hirmaatuu dubartootaa qofa ta'uu isaatii.akkasumaas raawwiin kabajaa siinqee iddooma argamettii osoo hin taanee iddoo ittii kabajamuu kan qabuu ta'uu isaa qaacceessuun danda'ameera.

### 4.1.3. Faayidaa Siinqeen Aadaa Hawaasa Oromoo Keessattii Qabduu

Siinqeen aadaa hawwasaa oromoo keessattii gaheen qabduu daran olaanaadhaa.siinqeen kan hojjetamtuu muka horooreessaa irraa yoo ta'uu aadaa uumataa oromoo keessattii dubartootiin oromoo kan qabataan yeroo maraa osoo hin taanee dhimmoota adda addaatiif akka ta'ee beekkamadha.



**Suuraa 6 Dawwaannaa Fi Marii Garee Dubartootaa Waliin Ebla 17/2013 Taasiifame**

Dawwaannaafi marii garee dubartootaa suuraa irrattii mul'aan irraa akka hubachuun danda'amettii faayiidaan siinqee aadaa hawaasaa oromoo birattii qabduu kanneen armaan gadiitii

- ✓ siinqqeen kan shamarraan yoo heerumtuu shiifa wallin kennaniif
- ✓ siinqeenkan dubartoonnii mirgaa isaanii ittiin falmatan
- ✓ kan idaayyaan ittiin heerumutuu
- ✓ siinqeen kan qabatemee bahuu yoo dubarteen deetuuykn qanfaa dhaanmtuu
- ✓ yeroo jedhaas  dubartoonnii ni qabatuu
- ✓ yeroo jedhaa dubartiin kan ittiin heerumtu.

Gama birootiin faayidaan siinqeen hawaasaa naannoo ishee birattii qabduu

- Yoo loollii hamaan jiraate
- Hoongeen garmalee sa'aa nama yoo miidhee
- Dubartiin qanafaa yoo dhaanamtee margaa dubartootaa ittiin kabachiisuuf.



**Suuraa 8.Marii garee Monguddootaa Waliin Caamsaa 14/2013Godhamaee**

Marii manguddootaa waliin taasiifameen faayidaa siinqeen aadaa hawaasaa oromoo birattii qabduu akkaataa armaan gadiitiin qaacceessuun danda'ameera. Oromoon yoo loollii hamaan muudaatuu karaa rakkoo ittiin hiikuu fala adda addaa qaba. Isaan keessaa muraasin:

- Jaarsummaa
- Gumaa
- Siinqee
- Shanachaa
- Michuu
- Hirmaa Hodhaa
- Guddifachaa
- Manbaadha.
- Qixxee fi kkf

Gama birootiin akka marii garee irraa hubachuun danda’amettii hoongeen hama yoo muudatu dubartootnnii margaafi siinqee isaanii qabachuun weedduu armaan gadii weeddisuun rabbi isaanii kadhatu.

Ateetee tibboofnee rabbirraa milkoofnee
Ateetee tibboo maal jennee
Tibboo rabbiyyoon qara nuu kennee
Dambii dambiyyoo damboo baalaa
An falaaf bahee siinqee tiyya sootii halalee
Rabbi kiyya mootii amanee
Dambii dambiyyoo deemeen lafa geetti
Fala beertii

Garuu nannoo ana qorannoo geggeesse keessattii beekamoo kanneen ta’a, siinqee, jaarsummaa gumaafi shanachadha. Akka Kuwwee (1997) fi Tolosaa (2011), ibsanittii siinqee hawaasa oromoo birattii rakkooleewwaan jajjaaboo ta’aan hiikeef shoorrii qabduu daran olaanaadha. odeeffaannoo agfaaffiifi maree garee irraa argadhee,siinqeen hawaasin walittii yoo bu’ee rakkoo akka hiikuudha. hawaasa keessattii namootiin daangaa irratii,lafa qonnaa irrattiifi yoo horii wal-jala fudhachuun loollii hamaan uumamee dubartoonnii siinqee isaanii qabachuun elelfataa gidduu galuun loollii keessattii midhaan hamaan akka hin geene taasiisuu.akka odeeffannoo kennitootaa irraa odeeffadhettii dubartoonnii naannoo qee’ee yoo jirachuu baateen siinqee isaanii fudhachuuf yeroo gubuu osoo hin taanee harkaa isaanii gara waaqa ol-qabanii elelfachuun loollii akka dhaabatuu taasiisuu.

Gama biroo waantoota armaan olitti ibsaame irraattii dabalataan akka odeeffannoo kennitootiin yaada isaanii naaf laatanittii osoo qophii adda addaa osoo jiruu hawaasin yoo walittii bu'ee midhaan hamaan akka hin geene siinqee isaanii qabatanii gidduu seenuun loollii akka dhaabatuu gudhuu. loollii erga qabannee'ee boodaa siinqee isaanii garee waldhaabe lamaan gidduu kaa'uun elelfata hanga manguddoon beekamoon naannoo dhufee dhimmaa qabuttii eegu. yeroo sana weeduu armaan gadii weeddisaa turu.

*Aayyoo hoffallee tiyya akkakee nu hoffalchimee!*
*Hoffallee jirraa hoffallee tiyya akkakee nu hoffalchimee!*
*Hoffallee tiyya ta guyyaa har'aa akkakee nu hoffalchimee!*
*Hoffallee tiyya waaqa sii kadhaa akkakee nu hoffalchimee!*
*Callee daraarama kuullee, rabboo araarami nullee!*
*Woji hinceesisuu hoffallee tiyya nu hoffalchimee!*
*Lolli hinteessisuu hoffallee tiyya nu hoffalchimee!*
*Magaaltu dhalee hoffallee tiyya nu hoffalchimee!*
*Dhiira siingalee hoffallee tiyya nu hoffalchimee!*
*Goraan shimshimii hoffallee tiyya nu hoffalchimee!*
*Gorii natti himii hoffallee tiyya nu hoffalchimee!*
*Ejersa jaboo jaboo lafa gaaraa, Ta jabaattelee rabbuu nu gargaaraa,*
*Mee araara.*
*Elel elel elel elel elel elel*

Kaayyoon weeduu kana ykn elelfata kana loolaa garee lamaan jidduu jiruu tasgabbeessuuf daggaarsaa barbaaduudha. Weeduu isaanii jedhaan akka odeeffannoo kennitoota irraa hubachuun danda'amettii hagame dubartoonnii nageenyaafi biyya isaaniitiif jaalala qaban ibsa.Akka aadaa Arsii Oromoottii dubartootaa nagaa buusuuf siinqee isaanii qabatanii loolaa dhaabuuf gidduu seenaan darbuun qaamin rakkoo uume ni adabama.Adabbiin kormaa qaluun yoo ta'uu, yoo kormaa hin qabnee immoo daadhii naquu fixate.Akka odeeffannoo kennitootaa irraa argadheettii hanga dubartoonnii nagaa buusuuf bahaan kabajaa argatanittii manguddoon naannoo araara dubbiin hin qabuu.

Xumura irraattii dubartoonnii gammachuu isaaniifi garee rakkoo uumee fi manguddoowwaan dubbii fixan akka armaan gadittii eebbisuu

*Argadhee galee gammadee*
*Ani dayaa na deessiftee*
*Borillee kabajami Sanyiin tee haa kabajamtu*
*Busaa bubbeen si hinargin*
*Madiinni badduun si hinargin*
*Camcammeessa hamaa oolaa*
*Waaqni isin haa ulfeessuu, ulfaadha!*

Yeroo eebbaa abbootiin qabeenyaa, namootiin ittii gaafatamummaa qaban, dursitoonnii gosaa, manguddootaafi hawwaan jilbiffatanii eebbaa fudhatuu.sanaan boodaa manguddoonnii garee waldhaabee lamaaniifi dubartootaa akka armaan gadittii eebbisuu.

*Irree harka mirgaa si haa godhu*
*Irree farda booraa si haa godhu*
*Nama kabajamu tahi*
*Nama nagaa buusu tahi*

Aadaa kana keessattii kabajaa dubartootaaf jechaa horii qalee meexxichaa waan jedhamuu horii gogaa horii qalamee irraa baasuun harka mirgaa isaattii godhuu.eebbaa keessattii dubartoonnii nama isaan kabajee kana waan isaan kabajaaf baay'ee eebbisuu.

Sirnnii eebbaa manguddootaafi dubartootaan erga raawwatame boodaa, dubartoonnii gahee rakkoo furuu isaanitiif gammachuu isaanitiif elelfata waaqfi siinqee isaanii galateeffatu. Yeroo kanattii akkaas jechuun weeddisuu:

*Ateetee sirroofnee rabbirraa milkoofnee,*
*Ta guyyaa har'aa sirroofnee rabbirraa milkoofnee,*
*Waaqa sii kadhaa sirroofnee rabbirraa milkoofnee,*
*Goraan shimshimii sirroofnee rabbirraa milkoofnee,*
*An haadha abdii sirroofnee rabbirraa milkoofnee,*
*Abdiin ta rabbii sirroofnee rabbirraa milkoofnee,*
*Ateeteen toltee maal alaa goota olgali aayyoo...*

Sababiin isaan akkaas jedhanii weeddisaaniif waan barbaadan waan egataniif.Kun kan ibsuu wantii isaan barbaadan hundii guutamuu isaatii kanaaf siinqee isaanitiif galata galfatu.Sirna fixatiin booda dubartoonnii walittii qabaman hundinuu gara mana isaanii deebii'uu.Haala odeeffannoo kennitootaa irraa hubadhettii yoo dubartoonnii gara mana isaanii deebii'aan namin kamiyyuu isaan qaxxamuruu hin danda'uu.

Arsii Oromoo shanaan keessattii dubarttootiin mirga marii tokko tokkoo irrattii hirmachuu ni qabu. Yoo hoongeefi beellii hamaan biyyaa muudatee dubartoonnii siinqee isaanii qabachuun malkattii bahanii waaqa kadhutu. Hanga malattoo roobaa arganittii gara mana isaanii hin deebii'an. Guyyaas ,halkanis achuma turuun kadhannaa isaanii geggeessan.

Akka afgaaffii geggeessu odeeffaannoo kennitootaa kiyya irraa hubadheettii argachuuf malkaa bu'uun waaq kadhatuu.jalbifatanii harkaa isaanitiin lafa qabachuun garee lamatti qoodamanii kochoo kochoo waljalaqabuun kadhana isaanii geggeessu

A

*Lilla jennee jiille jennee rabbiyyoo,*
*Malkaatti bahee jiille jennee rabbiyyoo,*
*Rabbiyyoo nuu dhiisi! Sa'aan loltuu hinbeeku,*
*Namaan loltuu hinbeeku, Maatiin loltuu hinbeeku,*

B

*Rabbi nuu dhiisi!*
*Abbaa boorantichaa3,*
*Abbaa falaa, Abbaa malaa,*
*Yaa rabbi nuu dhiisi!*
*Elelelelelelel*

*Jiille nuu dhiisi!*

Yeroo kadhannaa, siinqeen akka lafa hin tuqne harkatti qabatu.erga bakka fala, gahani siinqee isaanii dalagaa cibsuun kadhana isaanii itti fufuu.siinqeen dubartoota oromoo biratti baay'ee kabajaa qabdi. *akka odeeffannoo kennitootaa irraa argadhetti,* kadhanna isaanii erga raawwatanii booda,horii wareegaaykn booranitichaa qaluun lagatti darbu.



**Suuuraa 9 caamsaa 15/2013 Maree Garee Hawwaan Waliin Taasiifamee**

Dawwaannaa yeroo dubartii abbaan warra dhaanu irraa waan qaacceeffame.dubartoonnii dubartiin qanafaa yoo dhanamtuu weeddisaa wal-waamuu gara mana dubartii dhaanamteettii deemu.

*Antaala aayyaa dhageettee? Oduun sigeettee?*

*Anaa dhaananii dhageettee? Oduun sigeettee?*

*Ana waamanii dhageettee? Oduun sigeettee?*

*Harmii annaanii dhageettee? Oduun sigeettee?*

*Mataan naanno'oo dhageettee? Oduun sigeettee?*

*Duugdii baattoo'oo dhageettee?* Oduun sigeettee?

*Elel elel elel elel elel elel elel*

Akka daawwannaa kana irraa yaada argadhettii sagalee armaan olii dhegeessisuun ergaa waliittii qabamanii booda akkaataa umrii isaaniitiin sararaa uumanii elaiilfataa gara mana dubartiin miidhaan irra gaheettii deemu. sanaan boodaa garee lamattii qoodamuun weeduu armaan gadii wajala qabuun weediisuu

| **A** | **B** |
|---|---|
| *Aayyiyyoo sireen leemmanii jiddee* | *Maa hinjiraannee* |
| *Ija jaalleen maa gadbaateen maa hinlaalleenee* | *Ayyiyyoo sireen makkaaliaa duubaa* |
| *Noor aayyoo* | *Mucaa makkaallaa buubaa sileenjisa* |
| *Suutaa* | *Maa hinjiraannee* |
| *Aayyoo siren leemmanii jiddee* | *Noor aayyoo* |
| *Ijaalleen gadbaateen maa hinlaalleenee* | |

Akka daawwannaa kana irraa hubatamettii weeduu kanaan dubartii miidhamin irra gahee addaan ni baafatuu.ergaa walitti qabamaanii boodaa weeduu kana weedisaa gara mana dubartii miidhaan irra gahee yoo gahaan dubartiin miidhaan irraa gahees daa'ima duugdattii baatee dubartootaa waliin faaruu ittii fuuftii.dubartiin hangaafa taatee gara fulduraa darbuun

geengoo uumanii balbaala dubartii dhaanamtee fulduratti weeduu isaanii baafatuu.Abbaan warraa badii uumee hangaa fedhees jilbifatee dhiifa yoo gaafates hangaa manguddoon beekamoon dhufutti namin ol-isaa qabu tokkollee hin jiru.dubartootiin walitti qabaman siinqee isaanii gara isaatti qabuun elelitaa isaanii itti fufuu.Akka tasa namni biroo yoo kaasuuf yaale siinqee isaaniitiin rukutu.Manguddoon beekamoon iddo sana gahee rakko laaluuf yoo yaales yeroo muraasaf dubartoonnii weeduu isaanii ittuma fufu. Manguddoon rakkoo kana addaan baafachuuf battala sanattii argamee walittii fufiinsaan

| **Dhiira** | **Dubara** |
|---|---|
| *Ganyaa dhiltee dhinnaa* | *Hobbahaa* |
| *Ganyaa dhiltee dhinnaa* | *Ijarraa hafaa* |
| *Ganyaa dhiltee dhinnaa* | *Elelelelelelelel* |
| *Ganyaa dhiltee dhinnaa* | |
| *Ganyaa dhiltee dhinnaa* | |
| *Ganyaa dhiltee dhinnaa* | |

Ganyaa dhiltee dhinnaa yeroo torbaa ganyaa dhiltee dhinnaa jechuun akka dubbii kannatan gaafata.dubartoonni manguddoon ergaa kadhatee booda 'tun faantuudhaa' isin yoomaroo kunnoo ilaala jedhanii kannatuu.Manguddoonis '*ganyaa dhiltee dhinnaa'* erga jedheenii booda dubartoonnis '*hobbaa'aa ijaarraa hafaa'* jechuun eeyyamaa ta'uu isaanii ibsuu

Gama birootiin akka marii garee kana irraa hubatamettii manguddoon beekamoon dubartootaa walittii qabaman maaltuu dubartii irra gahee jedhee gaafata. dubartoonnii immoo ati hin beektuu maaliif nu gaafata jechuun deebii isaanii kennu. sanaan boodaa dubartootiin akka gaaddisaa jala taa'an taasiifam.manguddoonis dubartootaa waliin ta'uun araara buusuuf jaarsummaa isaanii itti fufu.manguddoonis namichi dubartii *'qanafaa'* dhanee badii isaa fudhachuu qaba jedhee murtii kenna.dubartoonnis hanga murteen isaaniif ibsamuttii elelitaa armaan gadii itti fufuun jedhu,

*Ateetee sinbirree barii*
*Deettuu dhanaanii hinjirraa maalii?*
*Harmii annanii hinjirraa maalii?*
*Duugdii baattoo'oo hin jirraa maalii?*
*Ateetee hirqamuu baalaa*
*Deettuu dhaananii dirmammuu laalaa*

*Elel elel elel elel elel elel elel elel elel jechuun wedduu isaanii itti fufuu.manguddoon beekamoon dhufee dubartootaaf waan barbaachiisuu abbaa warraa irraa fudhaafii yoo jedha dubartoonnis manguddootaa galateeffachuun gara mana isaanii deemu. dawwaannaa kana irraa akka hubachuun danda'amettii faayidaa siinqeen hawaasa naannoo birattii qabu keessaa tokko mirga dubartootaa kabachiisuudha.*

ani buutii qaraa
an buutii taraa
Sangaa hoorraa malee,

damma boollaa malee

Dhiiseengaluu dhiitee qaluu?

Dhiiseengaluu dhiitee qaluu?

Elel elel elel elel elel elel
*Siinqeen tiyya jiituu*
*Jiituun nama hinmiituu*
*Qe'een sii haajiituu*
*Elel elel elel elel elel elel*

*Aayyoo hoffallee tiyyaa hoffallee jirraa*

*Haadha baada'aa maali alaa gootaa olgali aayyoo*

*Barri waada'aa maali alaa gootaa olgali aayyoo*

*Loon galanii maali alaa gootaa olgali aayyoo...*

*Elel elel elel elel elel elel*

Akka marii garee manguddootaafi hawwaanii irra hubachuu danda'amettii dubartoon nii dubartiin dhaanamtee yoo mirgaa ishee kabachiisuuf bahanii deebii argatan weedduu armaan gadii weeddisuun gara mana isaanii deebii'uu

*Aayyoo hoffallee tiyya akkakee nu hoffalchimee!*

*Hoffallee jirraa hoffallee tiyya akkakee nu hoffalchimee!*

*Hoffallee tiyya ta guyyaa har'aa akkakee nu hoffalchimee!*

*Hoffallee tiyya waaqa sii kadhaa akkakee nu hoffalchimee!*

*Callee daraarama kuullee, rabboo araarami nullee!*

*Woji hinceesisuu hoffallee tiyya nu hoffalchimee!*

*Lolli hinteessisuu hoffallee tiyya nu hoffalchimee!*

*Magaaltu dhalee hoffallee tiyya nu hoffalchimee!*

*Dhiira siingalee hoffallee tiyya nu hoffalchimee!*

*Goraan shimshimii hoffallee tiyya nu hoffalchimee!*

*Gorii natti himii hoffallee tiyya nu hoffalchimee!*

*Ejersa jaboo jaboo lafa gaaraa, Ta jabaattelee rabbuu nu gargaaraa,*

*Mee araara.*

*Elel elel elel elel elel elel*

*Argadhee galee gammadee*

*Ani dayaa na deessiftee*

*Borillee kabajami*

*Sanyiin tee haa kabajamtu*

*Busaa bubbeen si hinargin*

*Madiinni badduun si hinargin*

*Camcammeessa hamaa oolaa*

*Waaqni isin haa ulfeessuu, ulfaadha!*

## 4.1.4. Yeroo Ammaa Adeemsaa Siinqee Hawaasaa Oromoo Birattii



**Suuraa 10. Af-gaaffii Caamsaa 18/2013 I/G Waajjiraa Aadaafi Turuuzimii Aanaa Marii waliin taasiifame**

Akka af-gaaffiifi I/G Waajjiraa Aadaafi Turuuzimii Aanaa Marii waliin taasiifame sadarkaa raawwiin sirna kabajaa siinqee irraa jiruu baayee yaadessaa ta’uu isaatii.Gama birootiin odeeffannoo kennitootiin akka yaada naaf laatanittii gandoota sadan qorannoon geggeeffame keessatti kabajjii ayyaana siinqee baay’ee laafaa dhufa akka jiru I/G Waajjiraa Aadaafi Turuuzimii Aanaa Marii waliin taasiifamee yaadaa kannaaniin kabaajin sirna siinqee laafaa dhuufuu bira darbee sadarkaa badittii deemu isaatii.



**Suuraa 11. Af-gaaffii Caamsaa 18/2013** miseensaa Waajjiraa Aadaafi Turuuzimii Aanaa kan taatee Addee Saadaa Kadiir waliin taasiifameen akka qabatamaa aanaa keenyaattii haalii yeroo ammaa sirnii kabajaa aayyaan siinqee baay’ee yaaddeessaafi hangaa sadarkaa baduuttii kan deeme akka ta’ee yaadaa isaanitiin nuuf mirkaneessanii jiruu.

Dimshaashumattii af-gaaffii miseensootaa waajjiiraa aadaafituruuzimii irraa hubachuun akka danda’anmettii gandootaa qorannoon irrattii geggeeffame keessattii wantii sirnii kabaaja siinqee laafaa ta’uu isaatii.Akkasumaas dawwaana sirnootaa cidhaa tokko tokkoo irrattii taasiifameen gandoota qorannoo irrattii geggeeffameetti sirnii siinqee baay’ee laafaa kan dhufee ta’uu isaati.

# Boqonnaa Shan

# Argannoofi Yaboo

Qorannichaa ilaalchiisee boqonnaa kana jalatti guduunfafi kalattiin furmaata kennamee jira. ragaaleen xinxalamaniifi qabxiileen ijoon qorannichaa wantoonni argamani guduunfaa dhihaatanii jiru. Kana malees, dhimma qorannichi irratti adeemsiifamee ilaalchiisee ragaan qaaccefamerraa rakkoolee argamaniif, yaanni furmaata kennamee jira.

## 5.1. Cuunfaa

Mata-dureen qorannoo kan xinxala haala Siinqee Godina Arsii Aanaa Martii irratti maal akka fakkatuudha. Iddoon qorannoon itti geggeeffamee Godina Arsii Aanaa Martii yommuu ta’u, qorannichi inni guddaan xinxala haala raawwiin sirnaa kabajaa siinqee yeroo amma irra jiru, siinqeen yoom akka kabajamuufi raawwii kabajaa siinqee keessatti qooda fudhattootiin eenyuufaa akka ta’an addaan baasuun kan qaaccesseedha.

Odeeffannoo kennitoonnii qorannoo kanaa manguddootaafi hawwan yoo ta’an,manguddootaa beekamoo 15 mala Iddatteessuu mijaatan kan filatamani yoo ta’u, hawwan 15 immoo mala Iddatteessuu Akkayyoo filatamaniiruu. Akkaasumas qorannoo kan caalmattii milkeessuuf jecha qaamoolii Waajjira Aadaafi Tuurizimii Aanaa Martii keessaa hojjatanii namootaa 4 mala Iddatteessuu mijaatan filatamaniiru.

Qorattuunis, kaayyoo qorannichaa fiixaan baasuuf meeshaalee funaansa ragaalee kan akka bar-gaaffii, af-gaaffii, dawwaannaafi marii garee fayyadamuun odeeffannoo walittii qabuun qaaccessitee jirti.

Qorattuun odeeffannoo kallattii gargaaraan argatte kanniin mala makaa fayyadamuun qaaccessitee hiikuun boqonnaa arfaffaa jalatti dhi’eessitee jirti.Ragaaleen qaacceffaman kunniin akka mul’isutti,

## 5.2. Argannoo

- Raawwii kabajaa siinqee yeroo maraa osoo hin taane sababaa waliin kan walqabatee ta'uu isaatii.
- Ayyaannii kabajaa siinqee akka feeteen osoo hin taane sababa irrattii kan hundaa'ee ta'uu isaa qorannoo kanaan mirkameeffadheera
- Raawwiin kabajaa ayyaana siinqee sababaa adda addaan kan walqabatee malee akka ayyaanootaa biro kaalaandaarii kan hinqabnee ta'uu
- Akka argannoon qorannoo kana ibsuttii sirna kabajaa raawwii aayyaana siinqee keessattii irra caalaa kan hirmaatuu dubartootaa ta'uu ibsaa.
- Akka argannoon qorannoo kana ibsuttii sirna kabajaa aayyaana siinqee keessattii dubartoonnii qoftis keessattii kan hirmaataan yoo taa umrii ni daangeessa.
- Akka argannoon qorannoo kana ibsuttii siinqeen ulee dubartootiin qabatuu ta'ee loolaa hamaa dhaabuu keessattii shooraa olaana qaba.
- Akka xinxala qorannoo kana irraa hubatamettii haallii kabajaa sirna siinqee yeroo amma aanaa martii  keessatti mul'atuu laafaa ta'uu isaatii
- Akka argannoon qorannoo kana ibsuttii sirnni kabajaa ayyaana siinqee gandootaa qorannoon irrattii geggeeffamettii sadarkaa baditii irraa gahuu isaatii.

Dawwaannaafi marii garee deebii kenniitootaa waliin taasiifame irraa argannoo qorannoo irraa argame akka ibsuttii

- ✓ Siinqqeen kan shamarraan yoo heerumtuu shiifa wallin kennaniif
- ✓ Siinqeen kan dubartoonnii mirgaa isaanii ittiin falmatan
- ✓ Kan idaayyaan ittiin heerumutuu
- ✓ Siinqeen kan qabatemee bahuu yoo dubarteen deetuuykn qanfaa dhaanmtuu
- ✓ Yeroo cidhaas  dubartoonnii ni qabatuu
- ✓ Yeroo cidhaa dubartiin kan ittiin heerumtu

## 5.3. Yaboo

Yaannii furmaataa guduunfaa taasiifamerrattii hundaa'uudhaan akka armaan gadittii dhiyaatee jira

- Aanaa martii keessattii raawwii sirnaa kabajaa aayyaana siinqeetiif kenname laafaa waan ta'eef, waajjiirrii aadaafi turiizimii osoo xiyyeeffannaa itti kenne hojjatee
- Yeroo ammaa sirnii kabajaa siinqee baay'ee gadii bu'aa deemaa waan jiruuf, qaamin dhimmii ilaalaatuu osoo xiyyeeffannoo kanneef sirna kabajaa siinqee bakka hundattii osoo cimsee
- Haatii siinqee waaraannii haamaan yoo jiraatu waaraan dhaabuu keessaattii shooraa olaanaa waan qabduuf, osoo xiyyeeffannoon kennameef
- Gandootaa odeeffaannoo irraa funaaname keessattii  sirni kabaja siinqee baay'ee laafaa waan dhufeef gandi dhimma kana irrattii xiyyeeffannoon osoo hojjatee
- Raawwiin kabajaa siinqee dhimmootaa adda addaa keessattii gahee olaanaa waan qabuuf waajjirrii aadaafi turuziimii aanaa martii aadaan kun akka hin harcaanee cimnaan irrattii hojjachuu qaba.
- Akkasumas Jijjiramaa fi badiinsa sirna aadaa siinqee irratti dhufu kana haanbiisuuf Waajjirri aadaa fi turuzimii Aanichaa dhimma aadaa kana irratti hubannoo kennuun osoo kunuunsanii gaarii dha.

# 6. Wabiilee


Abdulbaasiix Abdulsalaam (2014), Dubartiin wayyooma yaada jechuu ibsu.

Addunya Barkeessaa. (2010). *Natoo: Yaadrimee caasluga Afaan Oromoo.* Finfinnee Mega printing press.

Alamaayyahu (2007 ), siinqeen mallattoo mirga fi ulfinati.

Asallaa Muuddee (1994) Siinqee fi qanafaa kabajaa dubarti Oromoo ti.

Asafa Jalata .2009,"Oromo Peoplehood: Historical and Clurtual Overview", Sociology Publications and Oher Works Sociology 3-2-2010.University Of Tennessee-Koxville, ajalata at utk.ed.

Asmerom Legese.1973.Gadaa Three Approaches to the study of African Society.London: The Free Press

Best, J. W. and Kahn J. V. (1999). *Research in Education*. 7th edition New Deli: Prentice Hall.

Cohen,L. Manion,L.&Morrison, K.(2007). Research Methods in Education. Fifth Edition, London and Newyork: Routledge.

Creswell, J.W. .(2009). *Research design: Qualitative & Mixed research methods approaches* (3rd ed). Thous and oaks, calif: sage publication.

Dastaa Dassaalany ( 2003), Bu'uura qorannoo Addis ababaa bole.

____________.(2013). *Bu'uura Qorannoo*. Addis Ababa:Maxxansa 2ffaa,Printed far East trading

Esrael Etansa. 2009. *Gada system conflict resolution and the quest for survival.* Unpublished MA Thesis, Department of peace and security studies, Addis Ababa University

Gumii Waaqeeffannaa Adunyaa (GWA), (2015), Addunyaa kanaaf aadaa Dimookraasii kan beeksise sirna Gadaa Ummanni Oromoo ittin bulaa ture.

Hirut Tefere.2012. Gender Relation, Female Genital Mutilation and Reproductive Health: The Case of Arsi, Ethiopa.Addis Ababa University Press

Jane, Barsby, Boncato-Bekalo, Persevie, Mintesnot, Kasa, Paul,Karaimu, Hassan, Ibrahim, Isaac, Bekalo. 2008. *Culture at Crossroads: Ethiopian Women in Peace Building*. Published by IIRR. Africa Regional Center.

Kuwee Kumsa.1991. “The Siqqee Institution of Oromo Women.” In *the Journal of Oromo Studies*, Vol. 4, Nos.1&2

Kumsa, K. (1997). The Siiqqee institution of Oromo women. *Journal of Oromo Studies, 4*(1–2)

Kuwee Kumsa. 1997. “The Siiqqee Institution of Oromo Women*." Journal of Oromo Studies.* V.4, No. 1 &2, pp. 115-152.

Tolosa Mamuye. 2011."The *Siinqee*- Women's Institution for Conflict Resolution in Arsii" In *Customary Dispute Resolution Mechanisms in Ethiopia: The Ethiopian Arbitration and Reconciliation Center.* Gebre Yntis Qabbanee Waqayyo. 1991. “Women’s Influence in Oromo Society During the

Period of Gadaa Rule,” in *Waldhaasso: Journal of the Union Oromo in North America*, Vol.XVI, No. 2.

Viktar tarnt (1967), Hawaasni addunyaa irratti argamu hundi mallattoo aadaa saba biroo irraa adda kan taasiisu qaba.

Warqinaa Abbaa Soorii (2008).***Sirna Gadaa*.**finfinnee, Oromiyaa.

## DABALEE (A): Af-gaafii Miseensootaa Adaafi Turuuzimii Waajjiraa Aanaa Martii

## Yuunivarsiitii Finfinnee

## Kolleejjii Namoommaa Qorannoo

## Afaanootaa, joornalizimiifi sabqunnamtiitti

## Muummee Afaan Oromoo, Hog-barruufi Fookloorii

KABAJAMAA Miseensootaa Adaafi Turuuzimii Waajjiraa Aanaa Martii mise

Barreessituun waraqaa qorannoo kanaa, Raawwii Sirna Kabaja Siinqee Aadaa Ummataa Oromoo Godina Arsii Aanaa Martii gaafannoo kana isiniif dhiyeessiteerti. Yaadni isin kennitan hundi dhimma qorannoo kanaaf kan oolu ta‟uufi iciitiin kan qabamu ta‟uu isaa gamanumaan isin mirkaneessa. Qorannoon kun immoo hirmaannaa keessaniin galmaan ga‟uu waan danda‟uuf gaaffilee armaan gadii dubbisuun deebii sirrii kennuun akkasumas, yaada dabalataa qorannoo kana qajeelchuu yoo qabaattan itti dabaluun qoratittuu akka gargaartaniif kabajaan isin gaafata.

## Gargaarsa Keessaniif Galatoomaa!

## Horaa bulaa!

## Qorattuu Saadiyaa Tongoo

**Kutaa III. Odeeffannoo Waliigalaa**

Gaaffiwwan armaan gadii haala waliigalaa tooftaawwan Raawwii Sirna Kabajaa Siinqee kan ilaallatu. Kanaaf gaaffiiwwan kanneen qabxii isiniif kennamee irratti hundaa‟uun akkaataa raawwii isaa bu‟uura godhachuun gochuun deebii keessan kennaa

1. Maqaa, ______________________________
2. umrii____
3. Dalagaa/Gahee hojii hawaasaa keessatti_____________

4. Family status_______________,
5. gandaa/aanaa ____
6. Siinqee jechuun maalii jechuudha?
7. Uleen maalii irraa hojjetama, akaakuu muka kamiiti? Maalii ibsati?
8. Ulee kana namni murtaa'ee Kan qopheessuu ni jira?
9. Dubartiin siinqee yoom qabattii?
10. Siinqeen maaliif fayyaddi? Sababiin biro yoo ni jira?
11. Siinqeen akkamtii hojjetamtii? Akkamtii eegalte? Kan itti aanuu yoo malii?(sirrittii yaa ibsamuu
12. Dubartoonnii hawaasaa keessattii haala adeemsaa akkamti yaaduu? Gatii ni kennuuf? Wal-dhabiinsaa keessattii akka filanoottii rakkoo hiikuuf itti ni fayyadamuu? Itti fuufiinsaa ni qabdii?
13. Warrootiin dhiiraa waa'ee siinqee akkamtii ilaaluu?
14. Sirnaa fuudhaa keessattii haatii muucaa isheetiif ulee siinqee ni kennitii?
15. Dhaabbataa siinqee Kan *jarsummaa, gumaa kkf irraa adda godhuu maaliidhaa?*

## DABALEE (B): Gaaffiilee Marii Garee Manguddootaafi Hawwanii

## Yuunivarsiitii Finfinnee

## Kolleejjii Namoommaa Qorannoo

## Afaanootaa, joornalizimiifi sabqunnamtiitti

## Muummee Afaan Oromoo, Hog-barruufi Fookloorii

KABAJAMAA Miseensootaa Manguddootaafi Hawwanii

Barreessituun waraqaa qorannoo kanaa, Raawwii Sirna Kabaja Siinqee Aadaa Ummataa Oromoo Godina Arsii Aanaa Martii gaafannoo kana isiniif dhiyeessiteerti. Yaadni isin kennitan hundi dhimma qorannoo kanaaf kan oolu ta‟uufi iciitiin kan qabamu ta‟uu isaa gamanumaan isin mirkaneessa. Qorannoon kun immoo hirmaannaa keessaniin galmaan ga‟uu waan danda‟uuf gaaffilee armaan gadii dubbisuun deebii sirrii kennuun akkasumas, yaada dabalataa qorannoo kana qajeelchuu yoo qabaattan itti dabaluun qoratittuu akka gargaartaniif kabajaan isin gaafata.

## Gargaarsa Keessaniif Galatoomaa!

## Horaa bulaa!

## Qorattuu Saadiyaa Tongoo

**Kutaa III. Odeeffannoo Waliigalaa**

Gaaffiwwan armaan gadii haala waliigalaa tooftaawwan Raawwii Sirna Kabajaa Siinqee kan ilaallatu. Kanaaf gaaffiiwwan kanneen qabxii isiniif kennamee irratti hundaa‟uun akkaataa raawwii isaa bu‟uura godhachuun gochuun deebii keessan kennaa

1. Maqaa, ______________________________
2. umrii____
3. Dalagaa/Gahee hojii hawaasaa keessatti_____________
4. Family status_______________,
5. gandaa/aanaa ____

6. Siinqee jechuun maalii jechuudha?
7. Uleen maalii irraa hojjetama, akaakuu muka kamiiti? Maalii ibsati?
8. Ulee kana namni murtaa’ee Kan qopheessuu ni jira?
9. Dubartiin siinqee yoom qabattii?
10. Siinqeen maaliif fayyaddi? Sababiin biro yoo ni jira?
11. Siinqeen akkamtii hojjetamtii? Akkamtii eegalte? Kan itti aanuu yoo malii?(sirrittii yaa ibsamuu
12. Dubartoonnii hawaasaa keessattii haala adeemsaa akkamti yaaduu? Gatii ni kennuuf? Wal-dhabiinsaa keessattii akka filanoottii rakkoo hiikuuf itti ni fayyadamuu? Itti fuufiinsaa ni qabdii?
13. Warrootiin dhiiraa waa’ee siinqee akkamtii ilaaluu?
14. Sirnaa fuudhaa keessattii haatii muucaa isheetiif ulee siinqee ni kennitii?
15. Dhaabbataa siinqee Kan *jarsummaa, gumaa kkf irraa adda godhuu maaliidhaa?*

## DABALEE (C) Cheekilistii Daawwanna

| T.L. | Cheekliistii daawwannaaf qophaa'e | Deebii kenname |
|---|---|---|
| 1. | Uleen maalii irraa hojjetama, akaakuu muka kamiiti? Maalii ibsati? | Muka harooreessaa irraa tolfame |
| 2. | Siinqeen maaliif fayyaddi? Sababiin biro yoo ni jira? | Loolaa dhaabuufi yeroo hoongee hammatuu ittiin kadhachuuf |
| 3. | Sirnaa fuudhaa keessattii haatii muucaa isheetiif ulee siinqee ni kennitii? | Ulee siinqee meeshaa aannaan madaala jedhamu waliin kenniti |
| 4. | Dhaabbataa siinqee Kan *jarsummaa, gumaa kkf irraa adda godhuu maaliidhaa?* | Sirnaa mataa isaa waan qabuuf |
| 5. | Sirnaa kabajaa siinqee uffanaa waliin deemaa ? | Eeyyaan,uffaata aadaa waliin wal qabataa |


**DABALEE (D) Manguddootaafi Hawwaan marii garii Irrattii Odeeffannoo Kennuun Hirmaatan**

| T/ L | maqaa guutuu | Um rii | Saala | Aanaa | Ganda | Sadarkaa barnootaa | Haala jireena | Beekamtii |
|---|---|---|---|---|---|---|---|---|
| 1 | Obboo Amaan tola | 62 | Dhiira | Martii | Heellaa akkiyyaa | Barnoota bu‟uraa | Qotee bulaa | Jaarsaa biyyaa |
| 2 | Obboo muddiin hasan | 55 | Dhiira | Martii | Heellaa akkiyyaa | Kutaa 8ffaa | Qotee bula | Jaarsaa biyyaa |
| 3 | Obboo baamud Jamaal | 60 | Dhiira | Martii | Moollaamee arja'oo | Barnoota bu‟uuraa | Qotee bula | Jaarsaa biyyaa |
| 4 | Obboo tolaa gammadaa | 57 | Dhiira | Martii | Moollamee saqaa | Kutaa 12ffaa | Daldalaa | Barreessaa jaarsootaa biyyaa |
| 5 | Addee kaaniilaa huseen | 50 | Dubara | Martii | Heellaa akkiyyaa | Barnoota bu‟uraa | Haadhaa mana | Daldaltuu |
| 6 | Addee zeeyin Jamaal | 55 | Dubara | Martii | Heellaa akkiyyaa | Barnoota bu‟uuraa | Haadhaa mana | Haadhaa siinqee |
| 7 | Addee caaltuu roobaa | 59 | Dubara | Martii | Moollaamee arja'oo | Barnoota bu‟uuraa | | Haadhaa siinqee |
| 8 | Addee siifan tolaa | 61 | Dubara | Martii | Moollaamee saqaa | Barnoota bu‟uuraa | | Haadhaa siinqee |


**DABALE (F)Namootaa Afgaaffii Irrattii Odeeffannoo Kennuun Hirmaatan**

| T/L | Maqaa Guutuu | Umrii | Saala | Aanaa | Ganda | Sadarkaa barnootaa | Haala jireenya | Beekamtii |
|---|---|---|---|---|---|---|---|---|
| 1 | Obboo Sulxaan Hinkaa | 42 | Dhiira | Martii | Ganda 02 | Digirii | Hojjeta mootummaa | I/G waajjiraa aadaafi turuziimi |
| 2 | Obboo Huseen Tunnee | 40 | Dhiira | Martii | Ganda 02 | Digirii | Hojjeta mootummaa | Gargaaraa waajjiraa aadaafi turuziimi |
| 3 | Addee Saadaa Kadiir | 36 | Dubara | Martii | Ganda 01 | Dippiloomaa | Hojjeta mootummaa | Gargaaraa waajjiraa aadaafi turuziimi |
| 4 | Addee Kibbinash Tarreechaa | 45 | Dubara | Martii | Ganda 01 | Dippiloomaa | Hojjeta mootummaa | Gargaaraa waajjiraa aadaafi turuziimi |

## DABALEE (E): Fakkiiwwanii Suuraawwan




**Suuraa 1.kaartaa Aanaa Martii Amajjii, 23/2012**



**Suuraa 2. Gurraandhala 27/2012**



**Suuraa 3. Afgaaf Addee Kibbinaash Tarreechaa Bittooteessa 21/2013 waliin taasiifame**



**Suuraa 4. Afgaaf miseensaa Aadaafi Turuziimii Aanaa Marii Obboo Sulxaan Hinkkaa waliin Bittooteessa 23/2013**



**Suuraa 5.Marii Garee Ebla 12/09 2013 Manguddootaa Waliin Taasiifame**



**Suuraa 6 Dawwaannaa Fi Marii Garee Dubartootaa Waliin Ebla 17/2013 Taasiifame**




**Suuraa 7.marii garee hawwaan waliin taasiifameEbla 20/2013**



**Suuraa 8.Marii Garee Hawwaan Waliin caamsaa 14/2013 Taasiifame**



**Suuraa 9.Maarii Garee Caamsaa 15/2013 Hawwaan Waliin Taasiifame**



**Suuraa 10. Af-gaaffii Caamsaa 18/2013 I/G Waajjiraa Aadaafi Turuuzimii Aanaa Marii waliin taasiifame**



**Suuraa 11 Af-gaaffii caamsaa 18/2013 miseensaa Waajjiraa Aadaafi Turuuzimii Aanaa kan taatee waliin taasiifame**

**Waraqaa Mirkaneeffannaa**

I. Ani qorattuun maqaafi mallattoon koo armaan gaditti eerame waraqaan qorannoon kun hojii dhuunfaa koo kanaa dura Yunivarsitii kamiyyu keessatti qorannoo eebbaatif kan hin dhiyaane tahusaafi akkasuma wabiilee qorannoo kanaaf dubbisee seera qabeessa tahen fudhadhee wabii keessattis kahu koo mallattoo kiyyaan ni mirkaneessa.

Maqaa__________________

Mallattoo_______________

Guyyaa_________________

II. Barattuun **_____________________________________________**

Waraqaa qoranoo isaa haala seera qorannoo eegeen qopheessuu isaa fi ofittisuun (Defense) Muummeef galchuu danda‟uu isaa ani akka gorsaa waraqaa qorannoo kanaatti mallattoo kootiin nan mirkaneessa.

Maqaa______________________

Mallattoo____________________

Guyyaa_____________________

**Sadaasaa 2021/14**

**Finfinnee**